# Eeden Seexanaa

Jeffersonville, Indiana USA

65-0829

1 Mataa keenya gadi haa qabannu. Yaa Waaqayyo jaallatama, carraaguddaa kana argannee, galgala kana Maqaa Gooftaa Yesusiin deebinee walittiqabamuudhaan dirree lolaa kana irratti diinota keenyaa wajjin diinota Keetiiwajjinis walitti ba'uudhaaf deebinee walitti qabamuu keeyaaf Si galateeffanna;isaan Ifa Wangeelaa akka hubataniif, Dubbii Sagalichaatiin diinicha saba Keekeessaa ari'uuf galgala kana walitti qabamneerra, yaa Gooftaa. Dhugaa arguuakka dandeenyutti ija keenyatti dibata Kee akka cophsituuf Sin kadhadha. Dhumairrattis garaa keeya keessatti, “Yeroo Inni karaa irratti nutti dubbachaa dhufegaraan keenya in raafame mitiiree?” jechaa iddoo kanaa akka baanu nu godhi.Warra dhukkubsatanii fi warra rakkatan fayyisi. Warra jajjabina dhabanjajjabeessi. Warra harki isaanii mudhukaa'ee ol jechuu dadhabe jabeessi.Dhufaatiin Gooftaa Yesus dhi'aachuu isaatti isa amannu dhimminee akkaeeggannuuf nu gargaari. Kanas Maqaa Yesusiin Si gaafanna. Ameen.

Taa'aa.

2 Baay'een keessan kutaa biyyaa garaa garaa keessa akka dhuftan,kaan keessan immoo as waan turtaniif deebitanii galuuf karaa dheeraan isin duraakka jiru waanan beekuuf, tajaajila galgala kanaa gaggabaabsee xumuruun yaala.Itti dabalees isin galateeffachuun barbaada. Har'a ganama obboleessa keenyaNeviillee dhaggeeffachuu barbaadeen ture. Ani yeroo baay'ee isadhaggeeffadheera, hamman isa dhaggeeffadhetti garuu isa dinqisiifachuu irraankan hafe waanan jedhu hin qabu. Keesumaa immoo ergaa yeroo kanaan wal qabatuganama kana lallabuu isaatiif geggeessaan Gooftaa akka isa duukaa jirusirriitti hubadheera. Baay'ee kana namatti tolu dha! isinis maaliif dhuftaniiisa dhaggeeffachuu akka jaallatan hubadheera. Dhuguman isiniin jedhe, kan isinisa dhageeffachuu jaallattaniifis sababab inni waan gaarii isinitti dubbatuufi.

3 Gaaffii afaanii naaf godhame keessaa muraasa guyyaa har'aa isiniifqooduun barbaada; ganama har'aa fi galgala har'aa isiniifan qooda. Amma iyyuudeemsa baay'ee, baay'ee, baay'eetu na dura jira. Kanaafis ani…

Nan amana, guyyaa tokko Yetroon Museedhaan, “Inni baay'ee sitticima” jedhe. Kanaaf, rakkoo isin mudachuu danda'uuf obbolootta gaggaarii asiiqabna. Tokkoon tokkoon isaanii fudhatama argachaa kan turan yoo ta'u, akka mi'agati-qabeessaatti kunuunfamuun kan isaaniif malu dha. Kanaafis Paasterii keeya,yookiin Obboleessa keenya Maanii fi tajaajiltoota Amantii keenyaa hundumaajajjabeessuun barbaada. Isaan bira dhaquu ni dandeessu. Waan dhugaatti ta'uun irrajiraatu isaan isinitti in himu; namoonni tokko tokko, ijoolleen isaanii amanotootawarra hin ta'in keessaa fuuchaa, ittis heerumaa jiru, yookiin waan sirrii hinta'in gochaa jiru. Namoonni kunneennis akkuma nama kamiitti isin gargaaruudanda'u, sababiin isaa, isaan hojjettoota Kristos waan ta'aniif. Kanaafis garaisaanii yoo deemtan, gargaarsa isin barbaachisu isiniif kennuu akka danda'annan amana. Hunduma isaanii isiniif heeruu hin danda'u. Iddoo deemtanhundumaatti namoota baay'eetu jira. Akkuma isin argitan isaan baay'achaa,baay'achaa deemaa jiru. Tokkoon tokkoon isaanii argachuu yoon barbaade, waliinga'uu hin danda'u. Garuu Waaqayyo waan hundumaa akka wal isiniif qixxeessuufwalitti fufiinsaan isiniif kadhachaan jira.

4 Galgala kanaaf kan ta'u Caaffattoota keessaa Uumama boqonnaa sadiikeessaa in dubbifanna; sana booda gara duubaatti deebinee yoo fedha Waaqayyoota'e waan kanaan dura waliin ilaalaa turre tuquu yaalla. Kunis immo fedha Isaaakka ta'uuf nan kadhadha.

Bineensa bakkee Waaqayyo Gooftaan uumehundumaa keessaa bofni caalaa haxxee ture; innis dubartittiidhaan, “DhugumaWaaqayyo, 'Ija mukkeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran hundumaa irraa hinnyaatinaa!' isiniin jedhee?” jedhe.

Dubartittiin immoo bofichaan, “Nuyi ijamukkeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran irraa nyaachuu ni dandeenya;

Garuu muka isa iddoo dhaabaa kanawalakkaa jiru duwwaa, Waaqayyo, 'Ija isaa irraa hin nyaatinaa, isattis hinbu'inaa! Kanaa achi in duutu' jedheera‟ jette

Bofichi immoo deebisee dubartittidhaan,‟Hin duutan;

Isin ija mukichaa irraa yeroo nyaattaniji keessan akka banamu, hamaa fi gaarii beekuudhaanis akka Waaqayyo akka isintaatan, Waaqayyo in beeka‟ jedheen.

Dubartittiinis iji mukichaa nyaataafgaarii ta'uu ta'uu isaa, ija namaatti kan tolu, ogeessa nama gochuufisgomjaasisaa ta'uu isaa argitee, ija isaa irraa kutattee in nyaatte; abbaa manaaishee isa ishee wajjin tureefis immoo in laatte, innis in nyaate.

Yummus lamaanuu ijiisaanii in baname, qullaa ta'uu isaaniis in beekan; kana irratti isaan baalaharbuu walitti hulluuqsisanii marxoo isaa hojjetatan.

5 Waaqayyo eebba Isaa Sagalee Isaatti nuuf haa dabalu. Egaa dubbisakana keessaa mata duree,

Eeden Seexanaa,jedhu dubbisa Caaffata kanaa keessaa baasuun jaalladhe. Yaad-rimee Eeden Seexanaa irratti waa xiqqoonjechuu barbaada. Egaa inni kun mata duree, CalaltuuYaada Namaa, akkasumas, mi'aa nama qulqulluu, jedhu irratti Dilbata tokkogalgala asitti lallabaa turee wajjin kan wal simu dha.

Yeroo tokko tokko ibsi yaad-rimee xixiqqo kanneenii gara waan ta'etokkootti nu geessa; gara Sagalicha dubbisanii qorachuutti nu geessa.Amantoonni waldaa kootii hunduu isa kana akka godhan nan barbaada. “Namninyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaanmalee.” Kaanfuu, Sagalicha dubbisaa; Isa qo'adhaa. Guyyoota si'anaa kana keessaattamitti akka jiraattaniif hubannaa yaada sammuu akka isiniif kennutti, ijaWaaqayyootiin Isa qo'adhaa.

6 Amma amma, galgala kanatti, keessa gadi lixee, “Tole egaa, kana yookiin sana gochuu nan danda'a, …” jechuufan deemaa jira.

Ani namoota wajjin haasa'uu nan jaalladha, kana bira darbee hammatokkoon tokkoon keessanii wajjin galgala kana manatti galuuttin hawwii qaba.Kun dhugaa akka ta'e Waaqayyo in beeka. Tokkoon tokkoon keessanii wajjin galee,ganama isinii wajjin ciree nyaadhee, bor waaree booda adamoo hilleettii utuundhaqee nan hawwa, hubadhaa. Utuun kana godhee nan jaalladha, garuu kana gochuuhin danda'u. Utuun isinii wajjin manatti galee taa'ee, yeroo muraasa isiniiwajjin dudubbadhee; utuun xumira tajaajilaa booda waldaa jala taa'ee waa'eehaala jireenya keessanii fi waa'ee Waaqayyoo utuun isinii wajjin taa'eedudubbadhee natti tola. Utuu akka godhee nan jaalladha. Warri dhiiraas warridubartii as jiratan hunduu; isa kana gochuu akkan jaalladhu Waaqayyo in beeka,garuu kana gochuu hin danda'u. Hubadhaa, harkisa hagana ga'uu fi calalliihangana ga'utu jira.

7 Bara sodaachisaa keessa jiraachaa jirru kana keessatti…Ani ofiikootii nama sodaataa dha. Har'a waan tokko gochuuf sammuu koo amansiisee,“Dhugaatti waan kana gochuun qaba” jedheen murteessa, bor immoo wantichimaayilii miliyoona tokko narraa fagaatee argama; wanti ta'e tokko akkan hinraawwanneef gidduu galee sanaa fi kana godha. Yeroo waan qabdaniif, yaadakeessan walitti sassaabdanii qabachuuf yaalaa.

8 Garuu argannoon koo inni guddaan Waldaa hundumaatti Wangeelalallabuu dha, akkasumas yeroon lafa kana irra jirutti, lafa kana irrajiraachuuf yeroo naaf hafetti, waanan danda'u hundumaan guyyoota kana keessaYesus Kristosiif ulfina kennuu dha. Egaa gara waan isin gargaaru wayiidubbachuutti dhufaan jira; waan isin gargaaru wayii. Ganama kana ergan garamanaatti deebi'ee booda qo'achaan ture. “Yaa Gooftaa, galgala kana waan sabakana gargaaru maalan dubbadha?” jedheen kadhadhe.

Ergaa jabaa Obboleessi keenya Neviilleen waa'ee… irratti nu biraanga'aa ture dhaggeeffachaan ture, akkan yaadutti inni baay'ee dinqii ture, wantiinni, “Doktoorri haala dhukkubaa qaratee ilaala; garuu namicha isa limmoosaanii guutee dhufetu qoricha limmoon waraana” jedhe sun yaada jabaa dha. Kanaafisakkan yaadutti, kun ibsa gabaabaa, miidhagaa fi dhama qabu ture. Waa'ee isainni, “Limmoo firii qorannoo booda kennamuu” jedhe sana hin irraanfadhu.Kanaafis inni waan baay'isee namatti tolu ture.

9 Waan tokkon isinitti dubbachuu barbaada, innis immoo waan kakuuWaaqayyo bara kanaaf isiniif kakate kan ifatti baasee mul'isu dha. Hubattanii?Waan tokko, waa'ee waan nama guyyaa ta'e tokkoo miti, waa'ee waan…tokkoo fiyeroo… malee. Wantoonni sun hunduu gaarii dha; nuyi isaan kana hundumaa intuqna. Garuu Caaffatootan asitti barreesseen, waan ta'e tokko gara yaada sammuukeessanitti fiduun barbaade, innis immoo caalmaatti akka bartaniif isniif inibsa, inni dirree lolaa amma keessa jirtaniif loltuu jabaa isin godha; tooftaadiina keessanii beektanii karaa hundumaa daandii akka itti cuftaniif isingargaara. Wanti ijoon, hamma dandeessanitti, attamitti aboottifannaa diinaamiliquu akka dadeessani dha.

10 Egaa amma, mee waan guddaa...kana, guyyaa guddaa, guyyaa keessajiraachaa jirri isa cubbuun guutame kana daqiiqaa muraasaaf waliin haa ilaallu.Hangan seenaa dubbisetti guyyaa akka yeroo ammaa tureera jedhee hin amanu.Barri ari'atamuu gurguddaan tureera, yeroon ijoolleen Waaqayyoo harka namahundumaatiin ajjeefaman tureera. Garuu wallaalichisuu diinaatiin wal qabsiifneeyoo ilaalle, kan akka bara keessa jiraachaa jirru kanaa hin jiraanne. Barri kunbara afshaala, bara wallaalchisaa dha. Yeroon taa'ee ilaalu, Kristaanni barahar'aa bara kamuu caalaa kan inni shubbisaa dubartootaa (toe) dhaan manca'ebara kana.

11 Yeroon isaa dur yeroo Roomaan Waldaa Kristaanaa itti ari'attuture; Kiristaanni tokko dogoggora hojjennaan yaa'ii duratti baafamee sooraleencaa taasifama, yookiin waan kana fakkaatutu isa irra ga'a, kanas kan isairratti raawwatan Kiristaana ta'uu isaa yummuu hubatanii fi dhuga ba'umsaisaatiif jedhanii ti. Garuu lubbuun isaa fayyiteetti, sababiin isaa, dhugaattimakaa tokko malee nama Waaqayyotti amanu ture, wanti nama gammachiisu immoodhuga ba'umsi isaa dhiigaan mallatteeffameera. Hiddi dhiiga isaa akkuma citeen,yookiin dhagni isaa yeroo waraanamee dhiigni isaa dhangala'uu jalqabutti, inniamantii amanamummaa dhugaatiin iyyee, “Gooftaa Yesus, hafuura koo fudhadhu!”jedha.

12 Garuu, yeroo ammaa, gowwomsaan seexanaa yeroo ammaa, namoonni utuuKristaana hin ta'in Kristaana akka of taasisan godhe. Waan tokkotu jira.Isin…mallatteessuu hin qabdan. Inni isa durii caalaa guyyaa wallaalchisaa ta'uujira, inni isa yeroo jireenya keessan dhuga ba'umsaan mallatteessitanii

caalaawallaalchisaa ta'uuf jira. Seexanni futtaasaa ittiin nama wallaalchisuu danda'uhundumaa kaa'ee… Inni gowwomsaa dha. Maatewos 24 keessatti barri nuyi keessajiraachaa jirru kun maal akka ta'uuf jiru Yesus dubbateera, innis barootadarban hundumaa irra bara gowwomsaan guute dha. "Baay'ee isa dhugaattidhi'aachuu irraan kan ka'e, yoo isaaf danda'ame warra fo'aman iyyuu hammawallaalchisuutti in ga'a."

13 Mee caaffatoota waliin haa dorgomsiifnu, yookiin raajii MacaafaQulqulluu keessatti dubbatame bara amma jiraachaa jirruu wajjin wal bira qabneehaa ilaallu.

Ximotewos isa lammaffaa boqonnaa 3 keessatti, raajichi, "Guyyootagara dhumaatti, namoonni warra eeggannaa hin qabne, warra eeggannaa dhabuudhaanof bokoksan, Waaqayyoon jaallachuu caalaa, warra waan isaan gammachiisujaallatan ta'uuf jiru" jedhee dubbate. Isa kana mee yeroo xiqqoodhaaf yerooammaa kana ittiin madaalaa. Gaggabaasinee xumurra, sababiin isaa, keessa gadiseennee ilaaluuf yeroo waan hin qabneef yeroo qabnu sirriitti itti fayyadamuuqabna; yaada ijoo isaa qofa waan tuttuqnuuf yummuu manatti galtan sirriittiqo'adhaa. "Namoonni warra eeggannaa hin qabne, warra eeggannaa dhabuudhaan ofbokoksan, Waaqayyoon jaallachuu caalaa, warra waan isaan gammachiisu jaallatan;warra araara hin jaallanne, warra maqaa namaa balleessan, warra of hin qabne,warra waan gaarii jibban ta'uuf jiru." "Egaa yeroo sanatti, wantoonni kun yeroogara boodaatti akka ta'an Hafuuricha ifaan ifatti dubbateera." Dubbiin raajiidubbatamee kun waa'ee bara har'aa kanaa ti.

14 Amma immoo, akkasuma Mul'ata 3:14 keessatti waa'ee Waldaa baraamma keessa jirtuu, waa'ee Waldaa Laa'odiiqeyaa, Waldattiin bara dhumaa kanakeessa maal akka isheen ta'uuf jirtu in dubbifanna. "Isheen akka haadhahiyyeessaatti in teessi, geessifadheera wanti na barbaachisu hin jiru in jetti.Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisu hin jiru in jetti, isheengaruu nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu isheehin beektu." Egaa yaadadhaa, "Deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu ishee hin beektu"jedhee kan Inni dubbachaa jiru waldaa bara har'aatti. Jechi lafee namaa cabsujecha gara dhumaa, yookiin gaalee gara dhumaatti dubbatame kana dha. Isaan akkagaariitti Hafuuraan guutamneerra jedhanii yaadu, isaan akka yaada isaaniittiwaan hundumaan qophaa'oo dha. Waldaan Laa'odiiqeyaa waldaa Pheenxeqoostaaliiti, sababiin isaa, isheen waldaa bara dhumaa ti. Luuter ergaa of harkaa qabature; Wesliin ergaa of harkaa qaba ture; warri pheenxeqoostaaliis ergaa ofharkaa qabu.

15 Kana malees Inni akkas jedha, "Sababa ati bulluqaa yookiindiilalla'aa utuu hin ta'in bu'aa'aa taateef," miirri sochii alaan irraa kanmul'atu yoo ta'u, Wangeela sammuutti qabatanii lallabu; kanaafis Inni, "AfaanKoo keessaa si tufuufan jedha" jedhe. Karaa biraatiin, waldaan haala kanakeessa jiraachuun ishee Isa dhukkubseera.

16 Kanaafis, yaadadhaa, isaan tufanii Isa baasan; Innis immoo alawaldaa dhaabatee, bara waldaa Laa'odiiqeyaa ishee hamtuu kanaatti deebi'ee olseenuuf eegaa jira.

17 Waaqayyichi biyya lafaa si'anaa, bara si'anii namni biyya lafaakana irratti waaqeffamaa jiru seexana. Namoonni utuu hin beekin seexana waaqessaa jiru, seexanniwaldaatti of fakkeessee waaqeffamaa jira, hubadhaa, waldaatti of fakkeesseewaaqeffamaa jira. Waldaa keessatti Waaqayyoon waaqessaa waan jiran isaanittifakkaatee, garuu seexana waaqessaa jiru, garuu inni karaa seexanni hojjete dha.

Isin, "Oo, xiqqoo turimee, nuyi Sagalicha lallabna" in jettu.

Duuba deebi'aatii barreeffama koo galgala kanaa ilaalaa. Namni jalqabaSagalicha, "Waaqayyo jedheera" jedhee Hewaanitti lallabe Seexana, hubadhaa.

Karaaa malee Caaffata Qulqulla'aa hiikuu akkasiitu bara har'aakana hojii irra oolaa jira. Inni wanti Yesus hojjete hunduu guutumaatti sirriiakka ta'e akka beekatan isin godha. Inni wanti Museen hojjete hunduuguutummaatti sirrii akka ta'e akka beektan isin godha. Garuu yummuu isin kakuuIsaan bara kanaaf galan fudhattanitti, Inni kun bara kan biraatiif hojjetee kandarbe dha isinnin jedha. Namni akkasitti Caaffaticha akka amanu barbaaduu isaahubadhaa, kun immoo xumura isaati. "Jecha tokko Isatti dabaluu, yookiin jechatokko Isa irraa hir'isuu hin dandeessu." Garuu inni waan kana godha.

18 Namoonni Waaqayyoon waaqessaa jirra jedhanii utuu hin beekinSeexana waaqessaa jiru; Tasaloniiqee Isa Laffaa keessatti raajii dubbatameenakeekkachiifamneerra. Mee amma isa kana kallattiidhumaan haa ilaallu. Isa kanadubbisuun barbaada. Tasaloniiqee Isa Laffaati jedheen amana. Caafaticha kunooargadheera. Boqonnaa lama irratti…

Ammas obboloota ko, waa'ee dhufa gooftaakeenyaa Yesus Kristosii fi waa'ee isaa wajjin walitti sassaabamuu keenyaa akkabeektaniif waanan isin kadhadhu qaba.

Amma, hubadhaa, "Waa'ee dhufa Gooftaa keenyaa Yesus Kristosii fiwaa'ee Isaa wajjin walitti sassaabamuu keenyaa," akkuma Waaqayyo bara dhumaattisaba Isaa gara Isaatti sassaabuu ti. "Waa'ee sabni gara Gooftaatti sassaabamuuti," malee waa'ee waldaatti walitti sassaabamuu miti, "gara Gooftaatti; garaIsaatti sassaabamuu dha."

“Guyyaan Gooftaa ammuma iyyuu dhufeera”kan jedhu, wanta Waaqayyo nutti mul'isee himu keessa, dubbiidhaan yookiiscaaffataan akka waan nu biraa ba'eetti isa odeeffamuun yaadni keessan dafee hinraafin, hin naasifaminaas!

Waaqayyoon mormanii isa irratti ka'uun utuu hin dhufin, inni hamaanseera malee jiraatus ( inniyeroo ammaa maal akka ta'e akeekkadhaa)ilmi badiisaa sun (hubadhaa, inni kun Yihudaa dha) utuu bakkeetti hin baafamin, guyyaan sun hin dhufu; kanaaf namnitokko karaaa kam illee isin wallaalchisin!

Inni bakkeetti baafamuuf jiru sun ol ofqabuudhaan Waaqayyo kan jedhamuun, waanuma namni itti sagaduunis in morma;ofuma isaatii Waaqayyo ofiin jechuudhaanis mana qulqullummaa Waaqayyoo keessataa'umsa in dhaabbata.

19 Inni kun egaa waldaa bara har'aa ishee wallaalchisaan guutte dha!Hubadhaa, “ilmi badiisaa,” seexana. “Ilmi badiisaa,” seexana. Egaa, namoonniWaaqayyoon waaqessaa jirra jedhanii yaadu, garuu seexana waaqessaa jiru. Isaankaraa seera namaa (Creed) tiin seexana waaqessaa jiru, damewwan amantiinam-tolchee fi seerri namni baase wallaalchisa guddaa biyyi lafaa bira ga'eehubachuu hin dandee keessatti isaan kuffise. Dubbiin Sagalee Waaqayyoo Inni barakanaaf mul'inatti abdachiifame, mul'ifamee yummuu lallabametti, isaan ammaiyyuu hin amanne. Isaan hin amanan.

Yoos maaliif? Maaliif kan jedhu nu dinqa. Maaliif hin amanan;isaan maaliif Isa hin amanan? Waaqayyo waan tokko Nan godha jedhee, waan jedhesana yummuu raawwatutti, isaan waan sanatti dugda gatanii isa irraa galagalu.Akkuma Hewaan Waaqayyo waan Nan godha jedhe akka raawwatu utuu beektuu, dugdaisatti gattee waan inni isheedhaan jedhe dhageessee ti.

Sirriitti yaadadhaa, gara kan biraa keessattis akkuma kana ta'aahar'a ga'e. baroota hundumaa keessatti Seexanni Dubbii Sagalee Waaqayyoojallisee, akka isaan bara kan biraa hubatan gochaa ture.

20 Ilaalaa, yeroo Yesus dhufetti, hubadhaa, Seexanni gurmuubarsiisota Yihudootaa, gurmuu rabbootaa fi lubootaa sana keessa taa'ee seeraMusee akka eegan isaan barsiisaa ture, hubadhaa, yeroon sun yeroo SagalichumtiInni isaan barsiisan Ofii Isaa mul'ise dha. Kanaafis inni amantii isaanii fiseera Musee akka eegan isaan barsiisuuf yaalaa ture. Waan inni godhehubattanii? “Dubbiin Sagalee sun dhugaadhumatti sirrii dha, garuu Namichi kunNama waa'een Isaa dubbatame miti” jedhee isaanitti himuu yaalaa ture. Attamwallaalchisaa akka inni ta'e hubattanii? Inni sun egaa guyyaa wallaalchisaa isadhugaa ti.

21 Seexanni mootummaa isaa biyya lafaa keessatti hundeessaa ture,har'as hundeessaa jira. Sababiin inni namoota wallaalchisaa jiruufis mootummaaofii isaa hundeessuu waan barbaaduufi.

Inni akkuma daldalaa Kristaana hin ta'in tokko karaa bu'aa argachuufjecha karaa sirrii hin taaneen waa isinitti agarsiisuu ti. Inni kaayyoo fibu'aa dhuunfaa isaa haala kanaan argachuu yoo barbaade, wanticha akkuma jirusanatti akka hubattan gochuudhaan, waan danda'u hundumaa initti mul'isuudhaan,dhugaa waan sanaa akka isin hin ilaalle isin godha, sababiin isaa, miira ofiisaa qofa waan qabuufi. Hammam sobushammam hatus, waan kana caalu yoo godhes, inni bu'aa dhuunfaa isaa in argata.

22 Sababiin seexanni kana godheefis isa kanaafi. Akkuma Waaqayyo ingodha jedhee dubbatetti, inni karaa karaa ergama tajaajilaa (ministry) tiinhojjechaa ture. Egaa, inni wallaalchisa amantii Eeden keessatti jalqabuudhaan,yeroo sanaa jalqabee itti fufaa dhufe.

Inni akka gurmuu kominstiitti taa'ee kana godha miti. Kominstiinkanaa wajjin waan wal qabatu tokko iyyuu hin qabu. Hubadhaa, wanti isin irraaof eeggachuu qabdan waldaa dha. Warra Fo'aman kan wallaalchisan warrakominstii miti. Hubadhaa, warra Fo'aman kan wallaachiftu waldaa dha. Warrakominstii miti; akka isaan Waaqayyoon morman in beekna, isaan mormituuKristosiitis, dhuguman isiniin jedha, bu'uura amantii isaaniitiin isaanmormituu Kristosii ti, garuu isaan isaKristoosiin mormu (the antichrist)sana miti. Inni Kristoosiin mormu sun nama akka amantiitti jiraatu dha, namaakka cimee akka seera amantiitti jiraatu dha, inni Caaffata Qulqulla'aa keessaatuqee, akka gaariitti Isa ibsuus kan danda'u dha.

Akkuma jalqabatti seexanni waan hundumaa Sagalee Waaqayyoo irraatuqee, “Dhuguma Waaqayyo, 'Ija mukkeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiranhundumaa irraa hin nyaatinaa!' jedhee?” jedhee ti. Hubadhaa, sirriidhumatti Isatuqe.

Isheen immoo, “Nuyi ijamukkeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran irraa nyaachuu ni dandeenya; garuumuka isa iddoo dhaabaa kana walakkaa jiru duwwaa, Waaqayyo, 'Ija isaa irraa hinnyaatinaa, isattis hin bu'inaa! Kanaa achi in duutu' jedheera” jette.

23 Inni immoo, “Oo, dhugaadha,hin duutan. Garuu sababa Waaqayyo kana jedheef sittan hima, sababiin isaa…”Hubadhaa, amma inni maal godhe? Inni Dhugaa kana isheedhaaf tuqe. Inni, “Isinija mukichaa irraa yeroo nyaattan iji keessan akka banamu, hamaa fi gaariibeekuudhaanis akka Waaqayyoo in taatu” jedheen.

Wanti inni gochuu barbaadu isa kana, wanti inni bara har'aa gochuubarbaadus isa kana. Jalqabuma

Eeden irraa jalqabee wallaalchisi amantiihojjechaa dhufe, yeroo sanaa jalqabee hojjechaa as ga'e. Bara addaam keessawallaalchisatu ture. Bara Nohi keessa wallaalchisatu ture. Bara Yesus keessasakkasuma ture. Bara kana keessas akkasuma, haaluma wal fakkaatuun, wallaalchisaamantii!

24 Amma egaa, yeroo lafti kun to'annaa Waaqayyoo jala turte waliiwajjin ilaalla. Yeroon isaa yeroo Waaqayyo lafa kana to'nnaa Isaa jala tursedha. booda garuu Seexanni Sagalee Waaqayyootiin mormuudhaan isa irra aane.Yeroo ta'e tokko keessa Waaqayyo lafa kana to'annaa Isaa jala galchee ture.Inni orbiitii isaa irra isa kaa'e. Inni akka hojjetu godhee isa kaa'e. Inniwaan hundumaa hojjetee, to'annoo Isaa jala galche. Amma egaa isa kana ergaSeexanni to'achuu jalqabee wajjin wal madaalsifnee in ilaalla.

25 Egaa, inni waggoota dhibba ja'a Waaqayyotti fudhate. Waggaa haganadheeratu Isatti hin fudhatu ture, garuu Inni haga kana fudhate. Waggoota dhibbaja'a, sababiin isaa, "Waaqa irratti guyyaan tokko lafa irratti guyyaa kumatokko akka ta'e" baranneerra waan ta'eefi, kanaaf Waaqayyo lafa kana waggaakuma ja'a, yookiin guyyaa ja'a keessatti ijaare. Egaa, Waaqayyo isa hundeessee,gosuma sanyii isaa godhachuu akka danda'uuf sanyii gaarii dhaabee xumuruuf kumaja'a Isatti fudhate. Wanti hunduu fakkaattii sanyii isaa godhachuun dirqama.Sanyiin Isaa hundinuu gaarii ture, kanaafis gosuma isaa godhachuuf diqama qabature. Waaqayyo waggaa kuma ja'a fudhate.

26 Ximura irratti, Inni yeroo waan hundumaa hojjetee raawwatetti, buufatato'annaa biyya lafaa kan ta'e, iddoo miidhagduu gara baha Eedenitti argamtu kaniddoo dhaabaa Eeden jedhamtu irra ga'e. Waaqayyo buufata to'annoo guutummaabiyya lafaa Gibxiin keessatti, iddoo Dhaabaa Eeden keessatti ijaare, iddoondhaabaa sanaa kallattiin dhuma gara bahaa, buufata to'annoo ture.

27 Haala hundumaa irrattis, Inni ilma Isaa fi haadha manaa ilma Isaakaa'e, waan hundumaa irratti aboo isaaniif kenne. Inni kun sirrii dha. Inni kunwaan Waaqayyo godhe dha. Waan hundumaa to'annoo isaanii jala galche. Isaanbubbeen akka hin bubbifneef itti dubbatu, innis bubbisuu in dhaaba. Isaanmukatti in dubbatu, innis asii ka'ee achi deema.

Leencaa fi yeyyiin walii wajjin nyaatu, hoolaanis isaanii wajjinciifti turte. Hamminni tokko illee hin turre. Nagaa guutuutu ture, waliinjireenya nagaa guutuutu ture, yeroo Waaqayyo to'annoo Isaa jala galcheeturetti, wanti hunduu guutuu ture. Egaa hubadhaa, Inni biyya lafaa kan Isaaqaba ture, Inni hundumaa bobbaasee ture. Inni waan dhufaa ture hundumaa qabature. Hundumtuu muduraa nyaata ture; wanti du'u tokko illee hin jiru ture,wanti xuraa'u tooko illee hin jiru ture, wanti same qisaasa'u tokko illee hinjiru ture. Wanti…Inni dhugaadhumatti guutuu ture.

Inni jaallatamoo ijoollee Isaa, imaa fi intala Isaa, abbaa manaafi haadha manaa isaa, akka to'ataniif waan hundumaa irratti aboo isaaniifkenne.

28 Waaqayyo guddisee garaa ciiphsate! "Inni hojii Isaa hundumaa irraaguyyaa torbaffaatti in boqote," guyyaa torbaffaa sanas Sambata Ofii Isaa godheein eebbise, in qulqulleesses.

Sababiin isaa, Waaqayyo isa qorannoo isa irratti geeggeesse, Inniwaggoota kuma ja'aaf erga isa bocee fi erga cimsee isa dhaabee booda, akka inniqaamaan mul'atu isa godhe, sana booda volkaanoon tulluwwan dhiibee akka olbaasu godhe, wantoonni biroonis dho'iinsa volkaanootiin akka uumaman godhe;sana booda akka Ofii barbaadutti isa qoorsee cimee akka dhaabatu godhe. Innisimmoo lafa baay'ee bareedu ta'e.

29 Wanti isa fakkaatu tokko illee hin turre, yaa guddicha jannataWaaqayyoo! Daayinooseroonni gurguddoon, akkasumas wanti isaan caalan hunduu,isa keessa lo'uu eegalan, inni kan bineensonni guguddoon keessa jiraatan ta'e;miidhamuun isaan gidduu hin jiru ture. Isaan akkuma saafala borofaa colleeturan. Waan tokko iyyuu hin qaban turan; dhukkubni hin jiru, gaddi hin jiru,jarmiin dhukkuba fidu tokko illee lafa irra hin turre. Oo, maal iddoon akkasii!

Simbirroonni gurguddoon mukaa gara mukaatti ce'anii in qubatuturan, Addaam maqaadhaan isaan waama, isaanis saggoo isaa irra qubataniiweeddisu turan. Oo, maal iddoo dinqisiisaan Waaqayyo qabu ture!

30 Sana boodas Waaqayyo amaloota (attributes) Isaa keessaa tokkoDhagna Isaa irraa uume. Waaqayyo amaloota (attributes) Dhagna Isaa keessaaqaba.

Akkuma isa isin amala abbaa keessanii taatanii ti. Hubadhaa,abaabilii ababaabilii abaababilii akaaakayyuu keessanii keessa turtan. Garuu,sana keessatti, isinii fi abbaa keessan irraa kaanee isaanis akkuma keessankana turan jechuu dandeenya. Egaa, isin yeroo abbaa keessan keessa turtanittiwaan tokko iyyuu hin beektan turtan. Dhiigsanyiin jireenyaa dhiira irraa dhufa.Dhiirri dhiigsanyii qaba; dubartiin immoo hanqaaquu qabdi; egaa, kanaafuu,dhiigsanyiin jireenya of keessaa qaba. Egaa, yeroo sanatti, yeroo abbaa keessankeessa turtanitti waa'ee isaa waan beektan tokko iyyuu hin qabdan. Saayinsii fiDubbiin Sagalee Waaqayyoo abbaa keessan keessa turuu keessan kan mirkaneessuyoo ta'u, waa'ee isaa waan beektan tokko illee hin qabdan yeroo sanatti.

Garuu yeroo sanatti abbaan keessan isin baruu fedhe. Walittihidhamiinsa gaa'eelaa haadha keessanii wajjin gochuu isaatiin booda, abbaankeessanitti beekamtani. Amma egaa isin amala (attribute) abbaa keessanii ti.Isin abbaa keessan in fakkaattu, kutaa qaamaa kan abbaa keessanii wajjin kan walfakkaatu qabdu.

Egaa, karaan Waaqayyoo inni jalqabaa isa kana ture. Ilmaanii fiintaloonni Waaqayyoo hunduu jalqabatti Waaqayyoon keessa turan. Amma yaadachuuhin dandeessan, garuu achi turtan. Inni isa kana ni beeka ture. Inni isinqaqqabuuf, isinii wajjin haasa'uu, isin jaallachuu, harka isin fuudhuusbarbaade.

31 Ilma keessan…hin barbaaddanii? Yeroon ilmi keessan mana dhufeeirbaatatti dhi'aatu isiniif guyyaa gammachuu mitii? Yummuu inni dirreelolaatii, yookiin iddoo ta'e tokkoo gara manaatti deebi'ee galu isin naasisa;attamitti irbaata isaaf akka qopheessitu; korma coomaa isaaf qaltanii, yookiinwaan kana caalu isaaf in qopheessitu! Inni foonii fi dhiiga keessani, inni isinkeessa ture. Isin yeroo sanatti qaamaan isa hin beektan, garuu inni akka achiture ni beektu.

32 Waaqayyos akka nuyi asitti argamnu in beeka ture, kanaafqaqqabatamuu akka dandeenyutti foon keessa nu kaa'e. Inni qaqqabatamuu akkadanda'utti, yeroo Yesus Kristos ta'ee, Ilma Waaqayyoo Ofii Isaa ta'ee,guutiinsa mul'ina Waaqayyoo ta'ee nu gidduutti argame. Kanaafuu inni sun akeekaWaaqayyo amala Isaa walitti qabama keessatti mul'isuuf akeekee ture dha.

Yeroon abbaa koo keessa turetti, waa'ee isaa waan tokko iyyuu hinbeekun ture. Garuu yummuun ilma isaa ta'ee isa irraa dhaladhetti, ani amalaisaa ta'een dhaladhe, qaama abbaa kootii keessaa tokkon ta'e. Isinis qaamaabbaa keessanii ti.

Egaa akka ijoollee Waaqayyotti, nuyi qaama amala Waaqayyoo isa Isakeessa turee taanee, akkuma Inni foon uffate foon uffanne, kanaafis nuyi akkamaatii Waaqayyootti lafa irratti walii walii keenyaa wajjin, walitti qabama(fellowship) qabaachuu dandeenya. Eyyee, obboo. Wanti Waaqayyo jalqaba irrattibarbaade isa kana.

Wanti hunduu to'annoo Isaa jala turan. Inni iddoo Dhaabaa Eedenbakka bu'iinsa hamilee walabaa (free moral agency) tiin aangoo to'achuudabarsee isaaf kenne; “Yaa ilma Koo, inni kan keeti” isaan jedhe.

33 Maal iddoo miidhagduun akkasii! Waaqayyo hanga hojii Isaa hundumaadhiisee boqochuu irra ga'uutti garaan Isaa ciise. Mukti hunduu raawwateeqoraattii fi baalaan waraantee hin godhanne. Iji muka qoraattii qabuu hinuumamne. Wanti hunduu guutuu ture. Sanyiin hunduu guutuu ture. Wantu hunduuhaala guutuu mudaa hin qabne keessa ture.

Sana booda yeroo Inni boqonnaa xiqqoo fudhachuuf deemetti, diinniIsaa gowwomsaa fudhatee lo'ee ol seenee, sagantaa Inni ijoollee Isaatiif qabujallisee hiikuudhaan, isa irra aane. Yoom, yeroo inni mucaa Isaa irrattiamanamummaa gatetti; akkuma isa isin yeroo intalli keessan halkan dhiiraawajjin manaa baatu amanamummaa ishee irratti gattanii; akkuma isa isin yerooilmi keessan nama dhugaatii dhugu yookiin nama xuuxuu wajjin deemu amanamummaaisa irratti gattanii, Innis amanamummaa isaan irratti gate. Hubadhaa, DubbiiSagalee Isaa hundumaa eega malee, waan sirrii hin ta'in tokko illee hinraawwatu jedhee, ilma Isaa irra amanamummaa kaa'ate. Garuu diinni qaxxisee olseene; akka nama afaan dhadhaa dibatee intala keessan fuudhee ba'ee amalaballeessee ishee deebisuu; yookiin akka dubartii ilma keessan fuutee manaabaatee waanuma kana isa irratti raawwattuu godhe. Hubadhaa, inni qaxxisee olseene. Diinni Waaqayyoo qaxxisee olseenee, Dubbii Waaqayyoo jallisee Hewaaniif hiike.

34 Egaa amma, inni, kufaatii kanaan, iddoo dhaabaa Eeden qabeenyaisaa godhatee irra aane. Inni isa irra aane. Egaa amma inni waggoota kumaja'aaf gowwomsaadhaan bulchaa ture; akkuma yeroo sanaa, namoota wallaalchisaa,ijoollee Waaqayyoo wallaalchisaa jira. Sababiin isaa, isaan bakka bu'iinsahamilee walabaa (Free moral agency) irratti waan hundaa'aniif, karaa ofiiisaaniitii barbaadaniin in hojjetu. Isaan hojii sirrii akka hojjetanamanuudhaan, yookiin hojii sirrii akka hojjetan amanamummaa qabaatan amanuudhaan,sana booda gara hojii sirrii hin ta'iniitti dhufudhaan, akkuma Esaawuuangafummaa isaanii biyya lafaatti gurguran. Seexanni egaa isa irratti in mo'e,to'annaa isa jalas isa galche. Akkuma Waaqayyo Eeden Isaa uumee xumuruuf waggaakuma ja'a Isatti fudhate, Eeden isaa ijaaruuf Seexanattis waggaa kuma ja'aisatti fudhate. Wallaalchisuudhaan, Sagalicha wallaalchisuudhaan, yookiin namawallaalchisuudhaan, amma biyya lafaa kana keessatti, cubbuu keessatti Eedenisaa hundeesseera.

35 Eeden Waaqayyoo qajeelummaa keessatti hundeeffamtee turte. EedenSeexanaa immoo cubbuu keessatti hundeeffamtee jirti, sababiin isaa, Seexannicubbuu dha. Waaqayyo qajeelummaan guutuu dha, mootummaan Waaqayyoos qajeelummaa,nagaa fi Jireenya keessatti hundeeffame. Hundeeffamni Seexanaa immoo cubbuukeessatti, akkasumas amantii cubbuu (religious sin) keetti.

Akkataa inni itti wallaalchise hubadhaa, inni akkuma nanwallaachisa jedhee dubbatetti raawwate. Inni kana gochuuf dursumaan kakate.Kana namni beeku jiraa? Caaffata kana keessaa muraasa yoo barbaaddan, mee garaIsaayaasitti haa deebinu. Isin yoo…daddabalee isiniifan tuqa jedheen yaada. MeeIsaayaas boqonnaa 14 baafannee waan Seexanni iddoo sanatti dubbate yerooxiqqoodhaaf haa

ilaallu. Isaayaas 14 dubbifannee waan namichi kun jedhu inilaalla. Isaayaas 14, lakkoofsa 12 irraa jalqabna.

“Ati yaa Lusiifer (Lucifer), yaa ilmaganamaa! Attamitti bantiwwan waaqaa irraa gadi darbatamte! Ati inni saba gadiqabaa turte, amma immoo attamitti lafatti dabalamte!

Ati garaa kee keessatti, “Ani garabantiwwan waaqaatti ol nan ba'a, urjoota Waaqayyoo gararraas (isaan kun ilmaanWaaqayyoo ti) teessoo koo nan dhaabbadha, tulluu iddoo wal ga'ii isa dhuma garabitaa jiru irras nan taa'a;

Duumessoota ol fagoo irratti ol nan ba'a,isa hundumaa gararraa jiruttis of nan fakkeessa' in jette.

36 Amma egaa Caaffata yeroo muraasaan dura Tasaloniiqee keessadubbafinne isa, “ Inni ol ofqabuudhaan Waaqayyo kan jedhamuun, waanuma namni itti sagaduunis in morma;ofuma isaatii Waaqayyo ofiin jechuudhaanis mana qulqullummaa Waaqayyoo keessataa'umsa in dhaabbata” jedhuun wal bira qabaatii ilaalaa.

Akkuman Dilbata darbe iisinitti lallabe, waaqayyichi biyya lafaakanaa jira. Kunoo inni bara wallaalchisaa, bara dinqisiisaa nuyi keessajiraachaa jirruu kana keessa saba wallaalchisaa jira. yeroon kun yeroo barootahundumaa irra ulfina qabeessa ta'e dha, sababiin isaa, ammas deebinee Barkumeeguddicha sanatti deemaa jirra waan ta'eef; nuyi deebinee Eedenitti galuluufdeemaa jirra. Garuu kallattiidhaan bara kana keessa, wallaalchisaa fi toftaadhimma itti ba'aa ture hundaa fi waan ittiin wallaalchisuu danda'aa turehundumaa bakka tokkotti walitti guuree, ofii isaatii cimsee walitti qabasiiseera;akka Waaqayyoottis gadi bu'ee iddoo Waaqayyo irra of teessiseera; inni namaamantii ti, akkuma Seexanni iddoo dhaabaa Eedenitti Hewaanitti dubbatetti, inniCaaffata Qulqulla'aa isiniif tuquu isin barsiisuus in danda'a. Wanti innigochuu barbaadu garuu Isa keessaa waa hambisuudhaan qaawwa itti gochuudha,akkuma Calaltuu yaada namaa isa galgala gaaf tokkoo dubbachaa turre sanaa,karaan doktriniin Seexanaa gadi dhimmisu karaa qaawwa inni uume kanaa ti.

37 Inni, ani gara bantiwwan waaqaatti ol nan ba'a, urjoota Waaqayyoogararraas teessoo koo nan dhaabbadha, duumessoota ol fagoo irratti ol nan ba'a,Waaqayyo Isa hundumaa gararraa jiruttis of nan fakkeessa ofiin jedhe. Innidubbii sodaachisa isaa kanaan galma ga'eera. Inni baroota hundumaatti abadiiSagalee Waaqayyoo bara sanaaf ergame karaa irraa maqsee sabaaf ibsuudhaan, sodaachisadubbii isaatii kana haala gaarii ta'een galmaan ga'ateera. Inni kundhugaadhumatti attamitti akka inni hojjechaa ture dha. Baroota hundumaakeessatti, inni jal'isee Isa hiikaa ture.

38 Bara Nohitti bokkaan waaqa keessaa roobuun gonkumaa hin danda'amujedhanii ibsaa turan, sababiin isaa, “Bokkaan olii roobee hin beeku” waanta'eef. Wangeela argannoo saayinsii gurguddaa isaa iddoo dhaabaa Eedenkeessatti lallabe! Inni yeroo sanatti dandeettii meeshaalee qorannoo garaaddeessaatti ergee jiidhi ol gubbaa saana akka hin jirre mirkaneessu qaba ture.Garuu Waaqayyo roobni olii dhufee roobuuf jira jedhe. Garuu Seexanni qorannoosaayinsiitiin, “inni ta'uu hin danda'u” jedhee sammuu namootaatti summiinaquudhaan galma ga'e. Garuu inni in ta'e. Waaqayyo inni in rooba jedheedubbate, innis in robe. Inni isa dubbate in raawwate.

39 Egaa, bara Yesus keessas inni waanuma wal fakkaatu godhe. Inniwallaalchisa isaatiin, Dubbii Sagalee Waaqayyoo jal'isee hiikuudhaan sammuunamootaatti summii facaase. “Ati IlmaWaaqayyoo yoo taate, mee waan tokko hojjedhuu natti agarsiisi” jedhe.

Yesus isaaf hin gowwomfamne. Inni raawwatee hin gowwomfamne.Waaqayyo gowwaa miti. Inni waan seexanni Isa gaafate tokko iyyuu isaaf hindeebifne. Wanti Yesus jedhe tokkichi, “Caafameera” kan jedhu ture. Inni,“Caaffata Qulqulla'aa keessatti, 'Namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbiiafaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee' kan jedhu caafameera” isaanjedhe. Hubattanii, Inni isaaf hin gowwomfamne. Inni dhagicha buddeenatti hinjijjiirre. Utuu gara seexanaa dhaggeeffateera ta'ee, dhigicha buddeenattijijjiruuf dandeettii qaba ture, garuu Inni seexanaaf gurra hin laanne.

40 Akkuma jaqabaa ture, ammas deebi'ee baay'ee kana namawallaalchisaa jiru amantii cubbuu ti. Amma akeekkadhaa. Cubbuun guyyaa guyyaattihojjetamu ejjummaan, dhuganii machaa'uu fi akkasumaan Maqaa Waaqayyoo dha'uirraa qulqulleeffamuun hin jiru. Inni kun hin danda'amu. Lakki.

Baay'een keessan in warri as turtan in yaadattu, warri ergaa kanakeessa duraa kaaftanii turtan lallaba koo isan waggootaan dura Falmii Guyyaa Firdii jedhu irrattilallabe in yaadattu. Ejjitittiin fuula firdii duratti hin falmitu. Isheen eessaakka deemtu in beekti. Machooftuun fuula firdii duratti hin falmitu. Warridhugaatii nama macheessu deddeebisan, warri qumaara taphatan, sobduun, hattuun,fuula firdiitti hin falmatan. Garuu nama ani sirrii dha jedhee yaadu falmiinisaa in kufa.

Namicha isa fuula Isaa duratti dhi'aatee, “Yaa Gooftaa, ani maqaakeetiin wangeela hin lallabnee, maqaa keetiin hafuurota hamoota hin baafnee?”jedhu jireenuicha dhaba.

41 Yesus, “Matumaa Ani isin hin beeku, isin yaa warra hamaahojjettanii, ija Koo duraa badaa! jedhee

mul'inatti isaanitti nan hima” jedhe.Hubadhaa, wallaalchisuu sana keessa, jireenya galuu dhabuutu jira.

Inni kun wantan dhaabbiidhaan… iddoon namni itti hubachuu dadhabuisa kana. Ani nama addaa of gochuu barbaadee miti. Ani nama addaa ta'uu hinbarbaadu, garuu amanamaa ta'uun barbaada. Ani Ergaan of harkaa qaba, Innisimmoo saba bira ga'uu qaba. Hubannoo dhabuun guddisee saba gidduutti uumameera.Isaan akka waanan nama hundumaan mormuutti yaadu. Wanti isaan beekuu qabantokkichi, nama hundumaaf, hangan danda'etti nama hundumaatti waan Dhugaa ta'e,akkataa Inni laphee koo irra bu'ettii fi akkataa Macaafa Qulqulluu kana irrajirutti, mul'isuudhaaf dhama'aa akkan jiru naaf hubachuu qabu. WaaqayyosDhugummaa Isaa waan mirkaneesseef, waa'ee isaa wanti godhamuu danda'u tokkoillee hin jiru. Kanaafis, isaan Isa haa hubatan, yookiin itti haa dhiisan.

42 Hubadhaa, isaan Isa hubachuu hin barbaadan, sababiin isaa, isaandurumaan of gurguraniiru, angafummaa isaanii jaarmiyaa wayiitti, dhaabbataamantii wayiittigurguraniiru; angafamummaa isaanii argachuu yaalaa jiru,dhaabba amantii jaarmiyoome isa Seexanni tokkoon tokkoon miseensa isaniitiifmataa ta'e irratti hundaa'anii jireenya Waaqarraatti galuuf yaalaa jiru. Waaqayyogonkumaa amantii jaarmiyoome qabaatee hin beeku, gonkumaa godhee hin beeku.Egaa isaan isatti of gurguran, iddoon isaan jiran gurmuu dhirotaa wal ga'aniiSagalee Waaqayyoo hiikuudhaan, Inni kanajechuu dha, Inni sana jechuu dhajedhu.

Waaqayyo nama nama Sagalee Isaa hiiku hin barbaadu. Inni OfiiIsaatii Isa hiika. Akkamitti akka Isa hiiku namatu Isatti hima miti. Innibirmaduu dha. Attamitti akka isa raawwatu Inni dubbannaan, Inni Sagalee IsaaIsa dubbate eeguun dirqama. Inni yeroo, “Milikkitoonno kun warra amanan birattiin argamu” jedhetti, Inni jedhera waan ta'eef mamii tokko hin qabu. Inni barakana keessa wanta gochuuf dubbate kam illee in godha, godheeras. Yeroon isaaga'uu fi ga'uu dhiisuu isaa Inni nama kam illee hin gaafatu. Yeroo isaa fikaroora isaa Inni Ofii Isaatii beeka.

43 Amma egaa, seexanni, inni wallaalchisaan kun, akkuma Maatewos24:24 irratti dubbatametti, wallaalchisa guddaadhaan ka'eera. Amma, sagantaawangeela beekumsaa, barnoota fooyya'aa, hawaasummaa olaanaa, qaroominaa fi waankana fakkaataniitiin, namoota Waaqayyoon tajaajiluu barbaadanitti qorichagochuudhaan soba isaa akka amanan gochuu isaa argina.

Hewaan isa gochuu hin barbaanne, garuu inni ogummaan attamii akkaisa keessa jiru isheetti agarsiise. Isheen hin beektu turte; garuu baruubarbaadde. Isheen waa hubachuu hin beektu turte, garuu waa hubachuu barbaadde.Garuu Waaqayyo waa hubachuuf yaalii akka isheen hin goone isheetti hime.

Wantoota kanneen keessaa tokko illee attamittan hunachuu danda'an?Ani isaan hubachuu hin danda'u. Isaan hubachuun narraa hin eegamu. Waaqayyoonamanuudha malee hubachuu miti. Callisnee waan Inni jedhu amanuutu nurra jira.

44 Amma egaa, Erga seexanni waggoota kuma ja'aaf abdii SagaleeWaaqayyoo Isa baraaf ergame jallisee hiikaa tureen booda Eeden Waaqayyoo fiEeden seexanaa wal bira qabaatii ilaalaa. Mee amma wal bira qabnee ilaaluudhaaneessa akka jiru haa ilaallu. Akkuma waldaa bara Yesus keessaa irrattiraawwachaa ture, har'as ilmaan Waaqayyoo warra amanamoo Dhugaa beekuu irraaduuba deebisaa jira. Isaanis warra kan Waaqayyo ta'ani dha. Waaqayyo ilamaanIsaa, dhagna Isaa as kan kaa'eef, Dubbii Sagalee Isaa dhaga'uudhaan Isaa wajjinfeeloshiippii akka godhaniifi.

45 Utuu abbaan keessan akka isiniin jedhee maal gootu, utuu isin ilmaabbaa keessanii isa amanamaa taatanii, abbaan keessan, “Yaa ilama koo, bishaanala jiru sana keessa naachi waan jiruuf, deemtee isa hin daakin,” isiniin jedhee,boodaan immoo namichi tokko dhufee, “Dhuguman siin jedha, bishaan qulqulluubareedaa akkasii keessa naachi hin jiru” isiniin jedhee maal gootu? Amma egaaisa eenyu jedhe fudhattu? Ilma abbaa keessanii isa dhugaa yoo taatan, isaabbaan keessan jedhe dhageessanii hojii irra oolchitu.

Ilmi Waayyoo inni dhugaan yookiin intalli Waaqayyoo isheen dhugaanjalqaba Dubbii Sagalee Waaqayyoo fudhata yookiin fudhatti. An waan namni kanbiraan jedhuttii dhimma hin qabu, isaan jalqaba Dubbii Waaqayyoo dhaga'u.“Summiitu xoofoo keessa jira” jennaan, isaan in amanu.

Dubbii Sagalee Isaa hundumattii amantii qabaachuudhaan, SanyiwwanIsaa Eeden qulqulleettii, Eeden jaalalaa fi Eeden Jireenya Bara Baraa ingodhatu. Wanti Eeden Waaqayyoo argamsiistu qulqullummaa dha. Inni Eedenqulqulleettii, kan jaalalaa, hubannaa, guutuu ta'uu fi Jireenya Bara Baraagodhata. Inni Waaqayyo dhaabaa jiru isa kana, innis immoo Sanyii Isaa isa ta'eSagalee Isaa ti. Wanti Waldaan Isaa dhuma irratti ta'uuf jirtus isa kana;isheen Isa facaafame sana ta'uuf jirti.

46 Hubadhaa, kunoo yaadaa tokkotu jira. Matumaa hin irraanfatinaa.Yaadicha yeroo biraattin Ergaa kan biraa keessatti gadi fageenyaan isinittidubbadha. Garuu, akkuma isin beekatan Waaqayyo, “Wantu hunduu gosa sanyii isaahaa godhatu” jedhe. Kun abboommii Waaqayyootii? Wanti lallabaan gaarii, yookiinnamni biraa, Sagalicha waan kan biraan gochuu yaalu jiraa? Hubadhaa, SagaleenWaaqayyoo hunduu Sanyii dha. Yesus, “Namichi sanyii Sanyicha faceese” jedhe.Kanaafuu, Maarqos 16 Sagalee

Waaqayyoo yoo ta'e, Inni gosuma isaa in godhata.Miilkiyassa 4 yoo Sagalee Waaqayyoo ta'e, Inni gosuma Isaa in godhata. AbdiinSagalee Waaqayyoo kamuu, gosuma waan abdachiifamee sanaa in godhata.

47 Hubattanii, wallaalchisa Seexanaa ala kanaa hubattanii? Inni,"Inni akkas miti, akkas miti" jechuu yaalaa jira. Waan inni jedhu hubattanii?[Waldaan, "Ameen" jedhan.] Hubadhaa, Seexanni, "Oo, Inni bara kanaaf kandubbatame miti. Inni…Inni kan bara darbe tokkoo ti. Inni akkas jechuu iyyuumiti" jedha.

"Sanyiin hunduu gosa isaa in godhata." Akkaataan Eeden Waaqayyooitti hundeeffamte akka kanatti. Sirrii dhaa? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.]Kunoo akkasi, akkaataan Waaqayyo Waldaa Isaa itti hundeesses akkasuma,Sagalichi hunduu gosuma Isaa in godhata! "Namni buddeena duwwaadhaan hinjiraatu, Dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee." Hubattanii?Seexanni, waan biraa fudhachuu danda'a. Garuu Waaqayyo, "Sanyii hunduu gosaisaa in godhata" jedhe.

Abdiin Dubbii Sagalichaa, "Milikkitoonni kun warra amanan birattiin argamu" jedha.

Amma immoo waldaan, "Waldaatti dabalami. Beeksifannaa amantii(creed) irra deddeebi'ii (recite). Kitaaba amantii (Catechism) baradhu" jedhu.Wanti akkasii guutumaan guutuutti Macaafa Qulqulluu keessa hin jiru.

Garuu Yesus, "Milikkitoonni kun warra amanan biratti in argamu:Maqaa Kootiin hafuurota hamoota in baasu; afaan haaraatiin in dubbata; bofa yooqaban yookiis waan nama ajjeesu yoo dhugan isaan hin miidhu; harka isaaniiswarra dhukkubsatan irra in kaa'u, isaanis in fayyu" jedhe. Eenyu namni Dubbiikanaan mormu? Hubattanii?

48 "Sanyiin hunduu qomoo isaa haa godhatu." Ati sanyii Waaqayoo yootaate, yoo qaama (attribute) Isaa taate, yoo ilma Waaqayyoo taate, SagaleenWaaqayyoo si keessatti in facaafama. Hubattanii? Sana booda Sagalee Waaqayyooin dhageessa, "Hoolonni Koo Sagalee Koo beeku; Sagalee warra ormaa waan hinbeekneef, nama ormaa in baqatu malee, isa duukaa hin bu'an." Isinii galeeraa?"Yoos sanyiin hunduu qomoo qomoo isaa in godhata."

49 Amma egaa, sanyiin hunduu qomoo qomoo isaa in godhata kan jedhu inarganna, Eeden sana keessa duuti hin jiru ture. Eeden ishee haaraa keessasduuti hin jiraatu. Hubadhaa, qulqullummaa, qajeelummaa fi Jireenya Bara Baraamalee wanti kan biraan hin jiru.

Egaa amma, Sagalee Waaqayyoo hundumaatti amanuu dhabuun, sanyiiqulqullummaan hin jiraanne Eeden Seexanaa keessatti dhalche. Nuyi amma iddooSeexanni mormituu Kristos ta'ee teessoo qabate Eeden biyya lafaatti, Eedencubbuutti, amantii jal'aatti seenaa jirra. Inni, "Ani Seexana. Ani ergamaa isaguddaadha" jechuudhaan jalqabe miti. Lakki, akkasitti miti, Sagalee Waaqayyoonjal'isuudhaan jalqabe malee. Mootummaa isaa baroota hundumaa keessatti akkataakanaan fide. Amma bara wallaalchisaan guutte kana keessa immoo, saba isaatiinteessoo isaa qabachuuf qophaa'eera! Inni ofii isaatii Eeden beekumsa sammuunbadhaate, Eeden barattee fi saayinsawaa taate ijaareera; sirrii dha,lallabdoota saayinsawoo, waldaa saayinsooftuu, tiyooloojii saayinsawaa, wantihunduu saayinsawaa dha. Wanti hunduu beekumsa irratti kan ijaarame dha.Guutummaan waldaa beekumsa irratti kan ijaarame dha. Inni amantii irratti kanijaarame miti.

50 Yeroo tokko wal ga'ii waldaa nama tokkootti hirmaachuufan deeme.Innis immoo galma guddaa gara dhihaa kantti argamu keessatti ture. Namichi namagaarii tokko dha, garuu waan nuyi amma dubbachaa jirru kanaan in morma. Garuu,amma iyyuu inni…Ani isa nan jaalladha; inni nama gaarii, nama guddaa dha.Amantoonni waldaa isaa yummuu ba'anitti…Gara nama kuma ja'aatu taa'ee hirmaataature. Yummuu amantoonni isaa deemanitti, tajaajila waaree boodaa irratti,namoonni gara kuma tokkoo fi dhibba shanii namoota baratanii fi namoota uffatagaggaarii uffatan turan. An achi taa'een isaan ilaalaa ture.

Namichi lallaba baay'ee gaarii ta'e tokko lallabe. Sana boodanamni Kristoosiin fudhachuu barbaaddan, harka keessan ol qabaa jedhee gaafate.Namni harka isaa ol qabe hin turre. Xumura irratti dubartiin tokko harka isheeol qabde. "Tole egaa, ati Kristaana" jedhee, gara cuuphaatti ishee geesse. Ergaishee cuuphee booda daa'ima tokko eebbise, daa'imattii dhungatee ishee irrattikadhatee, saganticha achumaan xumure.

51 Amantoonni isaa yummuu ka'anii ba'aa turanitti, hunduubabbareedoo, beekumsa kana qaban, namoota baratan turan. Ani immoo bukkeettiba'een yeroo namichi gadi ba'utti harka qabee nagaa isa gaafachuuf dhaabachaanture.

Ergan isa geggeessee booda, kunoo sonni koo ol duudan. Yeroo sonnikan isaa turanitti, warri kan kootii akka ol galaniif eyyemuufii didan. Kunoowarri kan kootii wiilcheeriidhaan, sireedhaan, wayyaadhaan baatamnii,maraatuunii fi warri kan biraan hunduu in dhufan. Garaagarummaa jiru argitanii?Egaa inni isan jedhe dha. Hubadhaa, wantin dubbachaa jiru isa kana. Hubadhaa, wantaadda ta'e tokkotu jira.

52 Yummuu beekumsa saayinsiitiin lallabdutti, hubannoo Wangeelaa uumtee, "Namni Yesus Kristositti amanu kamillee, itti hin faradamu" in jetta, hubattaa,

Garuu, "Milikkitoonni kun warra amanan duukaa in bu'u," hubadhaa,inni Isa kana ishee keessa kaa'uu dagate. Isheen Yesus Kristoositti amanteetti,isheen fayyiteetti, kunis immoo yoo milikkotoonni kunneen amanaa duukaa bu'anidha.

"Namni Sagalee Koo dhaga'ee," itti fakkeessuu miti, gurra isaatiinIsa dhaggeeffachuu miti, "Isa hubachuu" dha malee. Namni kamuu Isa dhaga'uudanda'a; ejjituun Isa dhageessee ejjituu taatee hafuu dandeessi; hubadhaa,machooftuun Isa dhaga'uu dandeessi; Sobduun Isa dhageessee, sobaa jiraachuu dandeessi. Garuu, "Namni Dubbii koo hubatu, namni IsaAna ergettis amanu, Jireenya bara baraa qaba." Hibadhaa, inni egaa isini dha.

Waaqayyo duraan dursee yoo isa muude malee namni kam illee isakana gochuu hin danda'u. Yesus, "Abbaan Inni Ana erge yoo isa harkisuudhaabaate homtinuu gara Koo dhufuu hin danda'u, warri Abbaan koo Anaaf kennehunduu gara Koo in dhufu" jedhe. Ameen. Inni kun birmadummaa fi duraan durseebeekuu Waaqayyoo duwwaan kan ta'uu dha. Inni kophaa Isaa waan jiraatuuf namniwaan Inni hojjechuuf malu Isatti himu tokko illee hin jiru.

53 Egaa amma, Sagalee Waaqayyoo guutummaatti amanuu diduun, sanyiihin amanne, sanyii qulqullummaatti hin jiraanne, sanyii cubbuun manca'e, sanyiijibbaa fi sanyii du'a bara baraa, bara waldaa cubbamtuu beekumsa sammuu kanakeessatti godhate. Amma hubattaniittuu? Bara kana keessa, yeroo guutummaanbiyya lafaa nama amantii qabu (religious) taatetti! Isa kana beektuu?Guutummaan biyya lafaa amantii qaba. Bara nama amantii kanatti, suuqahundumaatti waldaa gurguddaatu argama; hundumti isaanii, wanti hunduu utuuSeexanni waaqeffamuu xumurama. Kunoo as jira, kunoo Macaafa Qulqulluu keessacaafamee jira. Kun sirrii dha. Iddoo beekumsi sammuu kennamu kanatu, Seminariitiyooloojiitu, nama beekaa attamitti akka dubbachuu qabu, maal gochuu akkaqabuu fi attamitti sosochii gochuu akka qabu leenjiftee as baafti; akkasumassammuu namaa wajjin attamitti akka hojjechuu qaban baruu jedhanii waggaasadi'ii hanga afurii, saayikooloojii fi waan kana fakkaatan hundumaa baratu.Hubadhaa, inni…

Hafuurri Waaqayyoo waan Isa keessatti barsiifamtan wayii miti.Inni waan uumamuu biyya lafaatiin dura harka Waaqayyo Hundumaa Danda'uun isinkeessa kaa'amee dha. Hojii hafuuraa keessan in barattu yookiin in barsiifamtumiti. Inni harka Waaqayyoo fi duraan dursee beekuu Waaqayyootiin, durumaan durseeisin keessatti yaadaan kan qabame dha. Kun sirrii dha.

54 Amma egaa, inni Eeden guddittii isaan amma keessa jiraachaa jiran,waldaa Eeden biyya lafaa kana dhalche. Hundumti isaanii Ikumeenikaalkaawunsilii (Ecumenical Council) guddicha jalatti tokkummaa'aanii, waldaaaddunyaa kana mataan ishee tokko ta'e uumuuf deemaa jiru, egaa iddoo sanattiSeexanni teesso irra kaa'amuuf jira, kun dhugaatti ta'uuf jira.

Utuu isheen kana keessa hin galin Misirrottiin akka ol butamtuufwaamichi inni xumuraa taasifamuuf jira. Sana keessatti isheen al tokkoonmallattoo bineensichaa fudhattee in barbadoofti, isheen raawwattee isa keessaaba'uu hin dandeessu. Sababiin utuu kun hin ta'in, "Yaa saba Koo, isaan keessaaadeemaa, ittii gargar ba'aas" jedhuuf isa kanaafi. "Isaan keessaa adeemaa,ittiis gargar ba'aa."

55 Amma, Eeden kana keessatti, jibbaa fi du'a, Bara BaraanWaaqayyottii gargar ba'uutu jira; hawwa foonii, xuraa'ummaa, jal'inatu jira,(attamitti?) Sanyii sirrii hin ta'in facaasuudhaan.

Mul'atan utuun yeroo jalqabaaf warra Pheenxeqoostaaliitti hindhufin dura, waa'ee Namicha wayyaa adii uffatee sanyii faacaasaa ture tokkooarge na yaadachiise. Yeroo baay'eewaanan dubbadheef waa'ee kanaa dhageessaniittu. Inni tokko immoo isa duubaandhufee, sanyii wal makaa kan biraa facaase.

Garuu inni Hewaaniin, iddoo dhaabaa Eeden keessatti, hawwa fooniicubbuu hojjechuuf Hewaan hawwiteen, inni salphaadhumatti isa mo'ate; hawwifoonii Hewaan hawwa cubbuu ti. Egaa, Hewaan beekumsa hawwuun ishee cubbuu ture.

Kanaafis beekumsa hawwuun keenya, Ph.D., LL.D., barbaaduun keenyacubbuu dha. Kun jecha arraba namaatti ulfaatu dha, garuu Dhugaa dha. Hammamufaatu iyyuu, inni amma iyyuu Dhugaa dha, hubadhaa. Baakumsa hawwuun, hubannaabarbaaduu dha!

Wanti bara har'aa ta'aa jiru, Sagalee Waaqayyoo garaa namootaa keessattilafa qabsiisuu hin yaallu. Nuyi ofii keenya lafa qabsiisuu yaalaa jirra.Waldaaleen doktrinii waldaa onnee namootaa keessatti lafa qabsiisuuf yaalaajiru.

Sagalee Waaqayyoo akka lafa qabsiifnuuf abboomamne. Phaawulos, "Dubbiinafaan koo, lallabni koos humnii fi Hafuurri Waaqayyoo akka ana keessa jiruagarsiise malee, dubbii ogummaa namaa keessaa ba'een amansiise miti. Egaaamantiin keessan humna Waaqayyoo irra malee ogummaa namaa irra hin dhaabanne"jedhe. Isin achi keessa jirtu.

56 Namni raawwatee hundee isaa lafa qabsiisuu hin qabu. Isakana…keessatti in argina. Yeroo Waaqayyo nama tokkoof waa godhee isa kaasu,utuu namni hunduu isa akkeessuuf yaaluu argitu. Hubadhaa, isaan hundee isaaniilafa qabsiisuuf yaalaa jiru. Namni hunduu, "Ani kanan godhe. Ani, Ana, kan koo,damee

amantii koo, ani, kana," jedha, namni hunduu of ijaaraa jira. Waa'eemaalii lallabaa jirraa, ofii keenya moo Mootummaa Waaqayyoo ti?

Sagalee Waaqayyoo hundeessaa. Amanuu diduu baasaatii MootummaaWaaqayyoo garaa namootaa keessatti hundeessaa. Nama Waaqayyo kana gochuuf dibeduwwaatu Mootummaa Waaqayyoo garaa namaa keessatti hundeessuu danda'a.Inni…hundeessuu hin danda'u.

Yaadadhaa, kutaa gowwomsaa ta'e sana namichi waan sirrii dhajedhee yaada. "Karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira, dhumni isaa garuu karaadu'aa ti." Beekumsi barumsaan argamu hunduu dhugaa fakkaata.

57 Akkuman Dilbata darban keessa isinitti himee turee ti; yummuumucaa koo du'aa jiru bira dhaabadhee, Seexannis achi dhaabatee, "Galgala gaaf tokkooabbaan kee harka kee keessatti du'e. Haati manaa kee duutee mana reeffaa keessaciisaa jirti, kunoo daa'imni kee immoo du'aa jirti. Ati immoo akka siifdeebisuuf Isa kadhatte, Inni immoo gaaddidduu sitti aguuge. Amma egaa, ati ammaiyyuu Inni Waaqayyo gaarii dha in jetta, ati amma iyyuu Inni Fayyisaa dha injetta" naan jechaa turee ti. Oo, sababni dhi'aate kun hunduu, sammuun baratehunduu wanti inni jedhu kun hunduu sirrii akka ta'etti in fudhata; inni egaahanga kanaatti sirrii dha.

Inni yeroo Hewaaniin, "Iji kee in banama, gadhee fi gaariis gargarbaaftee in barta. Gadhee fi gaaruu gargar baasuudhaan, akka Waaqayyoo in taata"isheedhaan jedhe akkasuma sirrii ture, sababiin isaa yeroo sanatti Waaqayyoqullaa walii walii isaanii akka argan isaan hin goone waan ta'eef. Kanaaf isaangadhee fi hamaa gargar baasanii baran; wanti inni isheedhaan jedhes sirriiture. Garuu hubadhaa, inni faallaa Sagalee Waaqayyoo ture.

58 Tajaajiltoonni Seminariis waanuma kana gochaa jiru, isaantiyooloojii namtochee barachaa jiru; tarii sirrii fakkaachuu danda'a, tariihubannoo waan tokkootiif gaarii ta'uu danda'a, garuu sirrii miti.

Nuyi Isa hubachuu hin qabnu. Sababii Waaqayyo Isa dubbateef akkumajirutti amanuu qabna, inni kun bara baraan cimee in dhaabata. Guutummaa Isaa akkataajedhameen amanuutu nurraa eegama.

Oo, Hewaan Ph.D. qabaachuuf attam gojomaate, hubadhaa, isheenattama isa kanaan dura turte irra qaxalee ta'uu barbaadde!

59 Attam akka wal fakkaatu hubadhaa, namichii fi haati manaa isaa…Amma hubadhaa, namichii fi haati manaa isaa, Eeden Waaqayyoo keessatti, iddoodhaabaa Eeden keessatti, lamaan isaanii qullaa ta'an.

Amma gara xumuraattin deemaa jira. Daqiiqaa muraasa qofa fudheenisinitti dubbadha. Ilaalaa, amma sirritti akeekkadhaatii na caqasaa.

Amma mee kana wal bira qabaatii ilaalaa, namichii fi haati manaaisaa, lamaan isaanii Eeden Waaqayyoo keessatti, cittuu wayyaa tokko illee ofirraa dhabuun isaanii, qullaa ta'uu isaanii wallaaaluun attam wal fakkaata.Isaan maaliif qullaa ta'uu isaanii hin beekne? Sababiin isaa miirri qullummaaisaanii Golgaa Qulqulluutiin, Hafuura Qulqulluutiin golgamee waan tureefi.Isaan gara walii walii isaanii in ilaalu ture, garuu qullaa ta'uu isaanii hinbeekan turan. Isaan qulqullummaa Hafuura Qulqulluutiin golgamanii turan. Isaangolgamanii turan.

60 Golgaa Waaqayyoo kan qaban har'a iyyuu in ilaalu garuu hawwa fedhafoonii hin qaban. Isaan fuula irraa galagalfatu. Inni Golgaa Qulqulluu dha,Golgaa Qulqulluu. Waaqayyo ija isaanii…isaan lamaanuu, tokko dhiira tokko tokkodubartii turan, garuu qullaa akka ta'an hin beekan turan, sababiin isaaqulqullummaan Waaqayyoo ija isaanii golgee ture. Qalbeeffadhaa, Waaqayyo GolgaaQulqulluutiin yaada sammuu isaanii cubbuu irraa dhokse.

Utuu daqiiqaa muraasa fudhannee isa kana irra takka turree nanhawwa. Mee kana ilaalaa, Ibroota keessatti,"Warri Waaqayyoof sagadan altokkicha cubbuu isaaniitti utuu qulleeffamaniiru ta'ee, cubbuun yaada garaaisaaniitti waan hin dhaga'amneef, aarsaa dhi'eessuun in hafa ture. Cubbuunisaan irra darbeera.

61 Obboleessi keenya Neviileen ganama har'aa utuu dubbatuudhaga'eera; tarii namni ta'e tokko maaliif akkan Hafuura Qulqulluu irratti hinlallabne gaafachaa ture natti fakkaata, maaliif ati kana hin gootu jedhu. Inni egaa kunoo ti. Hafuurri Qulqulluun hojiiisin keessaa ti. Inni Jireenya malee sochii miiraa miti; waan fooniin ragaba'amu wayii miti. Inni garuu Namummaa Yesus Kristos, Dubbii Sagalee WaaqayyooIsa onnee keessan keessatti Sagalee bara kanaaf ergame hundumaa dammaqsuuf Onneekeessan keessatti hundeeffame dha. Sirrii dha. Hafuura Qulqulluu hojiidhaanilaalaa malee, caalchitanii miira mul'achuu (demonstrations) keessatti hinilaalinaa; garuu, hojiidhaan, Inni akkataa Dubbii Sagalee Waaqayyootto inhojjeta.

62 Amma Hafuura Qulqulluu qalbeeffadhaa, Qulqulluun Sagalee Waaqayyoodhiiraa fi dubartii qullaa walii walii isaanii hin beekne qaba. JireenyiSagalichaa, attam miidhagaa dha; Sanyichi, Sagalicha!

Waaqayyo, “Iddoo dhaabaa sana walakkaa muka tokkotu ture, innisdubartittii dha. Iddoo dhaabaa kana walakkaa muka kanatu jira; itti iyyuu hinbu'in. Guyyaa mukicha irraa nyaattetti in duuta” jedhe. Isaan qulqullummaadhaanisa irraa golgamanii turan, waa'ee waan tokko iyyuu hin beekan, isatti bu'uuffedha hin qaban turan.

Isaan qulqullummaatti golgamanii turan. Isaan golgaa manaWaaqayyoo keessatti kan eegama turan. Isaan jiraatoo turan. Duuti isaanittimarsee hin jiru ture. Haaleliyyaa! Isaan jaalala guutuu walii walii isaanf qabuturan, Jireenya guutuu kan bara baraa qabu turan. Isaa jaalal guutuu, hubannooguutuu jaalala Waaqayyoof qabu turan. Dubbii Sagalee Waaqayyoo akka eeganiifisaanitti kenname qabu turan. Isaan Eeden Waaqayyoo keessatti nagaa kan qabaniifi jiraatoo turan, duuti isaan marse tokko illee hin jiru ture.

63 Booda guyyaa tokko Seexanni wangeela tiyooloojii, wangeelabeekumsaa, barumsa ol'aanaa, naamuusa ol'aanaa, qaroomina isa caalu, beekumsaol'aanaa fi kan kana fakkaatan Hewaanitti lallabnaan, isheenis isa dhageesse;sana booda dhaabattee daqiiqaa muraasaaf akka xiinxala sammuu isaa (isa akka darbanneegannuuf abboomamne) dhaggeeffattu ishee gidhe, kanas immoo yummuu akka isheenisa dhaggeeffattu taasiseen booda isheetti lallabe.

“Amma, as ilaalaa, waldaan kanaafi sana. Inni erga hundeeffame yeroon isaa tureera. Nuyi waldoota jalqababiyya kanatti hundeeffaman keessaa tokko. Kantiibaan magaalattii asittiwaaqeffata.” Hubadhaa, an maalummaa isaatti dhimma hin qabu. Inni SagaleeWaaqayyoon kan mormu taanaan, ittiin mormaa. Inni diina keessani. WantiSagalichaan mormu kamuu diina keessani.

Wanti Sagalicha bira dhaabatu hunduu obboleessa keessani. Innidhagna keessani.

64 Qalbeeffadhaa, isheen saalquunnamtiin dhugaatti maal akka fakkaatuilaaluuf jettee, Golgaa Qulqulluu of irraa baafte; waan dhugaatti hawwiinfoonii godhuu wajjin wal bira qabaatii ilaalaa. Isheen Golgaa ijaa, waanqulqulluu Waaqayyo ija ishee irra kaa'ee of irraa baafte. Isheen beekumsa wantajedhamu hundumaa baruu barbaadde; maal akka inni ta'e ilaaluufis Golgaa ofirraa baafte. Isheen Seexana dhaggeeffatte, sana booda iddoo inni itti isheegeesse hubadhaa.

Yeroo sana irraa kaaftee, isheen tokkoon tokkoon baraa keessattiwaanuma wal fakkaatu gochaa as geesse, isheen yeroo hundumaa gara warrabeekumsa qabna jedhii bira hiriirti; amma mootummaa Seexanaa ijaartetti, sanyiiisaa isa ta'e beekumsa itti facaasuudhaan biyya lafaa kana Eeden du'aattijijjiire.

65 Amma qalbeeffadhaa. Amma Mul'ata 3, Bara Waldaa Laa'odiiqeyaailaalaa. Sammuu keessan keessatti waa'ee isaa yaadaa.

Amma qalbeeffadhaa. Isheen, Hewaan mootittii Seexanaa ti.Hubadhaa, Seefanni, bofichi utuu Addaam ishee bira hin ga'in Hewaan bira ga'e.Hubattanii? Inni kun sirrii dha. Hubadhaa, inni baay'ee ishee gammachiise(beguiled); kanaaf Seexanni, bofichi utuu Addaam ishee bira hin ga'in dura,Abbaa manaa Hewaan ture. Hubadhaa, inni ishee gammachiise (beguiled her).Macaafni Qulqulluun kana gochuu isaa in dubbata, yeroo kana gootettis qullaata'uu ishee in barte. Hubattanii?

66 Amma Bara Waldaa Laa'odiiqeyaa ilaalaa. Isheen, Hewaan akkamootittii Seexanaatti taa'aa jirti. “Isheen qabeenya biyya lafaatiin badhaatuudha; jaamaadha, ammas deebitee qullaa taateetti, garuu of irratti hin beektu,”kunis akkuma isa Eeden Waaqayyoo keessatti ishee irra ga'ee ti. Garuu amma, sababaGolgaa Qulqulluun ija ishee aguugeef utuu hin ta'in, sababa gaolgaan hawwiifoonii ishee aguugeefi. Isheen Golgaa Qulqulluu of irraa baaftee, hawwiifooniif golgaa beekumsaa uffatte. Egaa amma golgaa hawwii uffachuu isheetiincubbuu ta'uu isheetti “jaamaa” dha. Isheen “qullaa” karaa irra deemti, “Ofirratti immoo hin beektu.” Isheen ejjituu karaa irraa ti. Dubartoonni qumxaauffatan kunneen, ija Waaqayyoo duratti ejjituu dha, “of irratti immoo hinbeekan.”

67 Qalbeeffadhaa, dubartoota keenya fudhaa ilaalaa. Amma, haalawaldaan keessa jirtu ilaaluu yoo barbaaddan, waan dubartiin gochaa jirtuilaalaa. Isheen yeroo hundumaa waldaatti fakkeeffamti. Eeden Seexanaa keessatticubbuu fi amanuu diduu, jal'ina amantiitu jira; mootummaa jal'inaa. IsaanSagalee Waaqayyoo fudhachuu mannaa, barumsa beekumsa namaa fudhatan. Akkasumas,waldaa fudhachuu manna, dhaabbata hundeessanii gara geggeessaa tokkootti isafiduu filatan.

68 Amma hubadhaa, isaan qulqullummaa irraa of jal'isan. Amma kun isinhin darbin. Waldaan kajeellaa foonii kanaan golgamteetti. Waan inni isheeirratti hojjete hubadhaa. Cubbamaa ta'uu dhabuu irraa gara beekumsaa isheejal'ise. Hubattanii? GolgaaQulqulluutiin, isheen qulqulluu (innocent) turte; golgaa kajeellaa fooniitiin,isheen beekumsa. Inni waan nama gammachiisu ta'uu isaa in beekti. Hubadhaa,isheen waan inni godhu in beekti. Inni ija mukaati, muka ogeessa nama gochuufgojomaasisaa ta'e dha. Hubattanii? Isheen yakkamaa ta'uu dhabuu irraa garabeekumsaatti, qulqullummaa irraa gara xuraa'ummaa fi kajeellaa fooniitti,Jireenya irraa gara du'aatti jal'ifamte.

Mootummaan kun du'uu qaba. Mootummaan kun in du'a! Waaqayyo InniBantii Waaqaa uuma fuula lafaa irra isa in balleessa.

69 Qalbeeffadhaa, jal'inni kun dhiira irraa gara dubartiitti,dubartii irraa gara dhiiraatti dhufeera, “kanas of irratti hin beekan.” Yoodubartoota ammayyaa'oo keenya kana yeroo karaa irra deemaa hubattanii ilaaltan,bu'aa Eeden Seexanaa keessatti dhufe in hubattu.

70 Qalbeeffadhaa, Addaam cubbuu akka hojjetuuf Seexanni humnakajeellaa foonii Hewaan irra jirutti dhimma ba'e. Ammas akkasuma, har'aswaanuma kana gochaa jira. Hubadhaa, rifeensa mataa gaggaabsachuudhaan, halluufuulatti laaqqachuudhaan, uffata fedhii saalaa kakaasu uffachuudhaan kanagochaa jirti, wantoonni kun hunduu faallaa Sagalee Waaqayyoo ta'uu isaa immooisheen hin beektu. Rifeensa mataa murachuu, dubartii salphoo, ejjituu isheetaasisa. Qumxaa uffachuun ayyaana dhabeettii ishee taasisa. Uffata fedhii saalanamaa kakaasu uffachuun ejjituu ishee taasisa. “Isheen kana of irratti hin beektu,” kana kan gootuuf sababaqulqullummaan Waaqayyoo ishee irra jiruuf miti; sababa kejaallaan Seexanaaishee irra jiruuf malee. Addaam akka ishee hawwu goote.

71 Eeden ishee durii keessatti wayyaa Waaqayyo isheetti uffise ofirraa baaftee lafa onaa kana keessa deemtee as geesse. Isheen isa of irraabaafte. isheen guutummaatti qullaatti of hambifte. Yeroo Waaqayyo guutummaagogaa isheetti uffisetti, isheen immoo suutuma suuta of irraa gabaabsaadeemuudhaan, akka jalqabaatti of deebisaa jirti.

Amma isheen Addaam uffata jalaa (underneath clothe) ishee akkauffatu taasifteetti. Dhiirri qumxaa dubartii isa fakkeessu uffatee manaa ba'uujalqabeera, an kana booda inni dhiira jedhee hin yaadu. Dhiir-dubartii akka kanaa an takkaa argee hinbeeku. Hubattanii? Hubadhaa, isheen Addaam jal'aa isa waan isheen gootu godhuargatteetti, hubadhaa, waan uffata isheen jalatti uffattu uffachaa jira. Isheenwayyaa jalatti uffattu of irraa baafnaan waan gochuu dandeessu isheenuu beekti.Innis immoo qumxaa dha. Inni wayyaa dubartiin jalatti uffattudha, dhiirri yerooammaa immoo isa uffatee karaa irra deemaa jira. Akka Sagalee Waaqayyoo isajalqabaatti, “Dhiirri wayyaa dubartii uffachuun, akkasumas dubartiin wayyaadhiiraa uffachuun waan ciiggaasisaa dha” jedha. Waan kana itti yaadaa!

72 Kana malees yeroo ammaa dhiirri rifeensa mataa akkauma isheettigadi filaa jira. Inni rifeensa mataa filatee, akka gureessuus godhee deema.Waan ija namaatti jibbisiisaa hanga har'aatti an arge keessaa inni gadheen,isan ijoollee rifeensa mataa isaanii gadi filatanii, halluu itti dibanii,tokkofsiisanii, kaan immoo callee itti diranii deeman arge dha. Sii,dhiir-dubartii! Waltajjii irra dhaabatanii kana dubbachuun waan nama naasisudha, garuu firdiin mana Waaqayyoo keessaa jalqaba. Dhiira yookiin dubartiita'uu kee iyyuu hin beektu. Akkan hubadhutti, yeroo dhi'oo keessatti loltoonniAmerikaa qumxaa uffatanii ba'uun isaanii hin oolu. Kun sirrii dha. Jal'inaattamii akka ta'e hubattanii? Rifeensa gadi filatanii deemuun kan dubartii ti.

73 Guyyaa tokko daandii Howaard Joonsen irran deemaa ture; daandiiisa kana utuu hin ta'in, daandii isa magaalaa keessaa ittiin ba'aniin. Duubata'een waan tokko dinqisiifachaa ture. Kunoo mucaan dhiiraa xiqqaan tokko afaanbanaa dhufe. Inni asiin rifeensa gurraachaqaba ture, rifeensichas akkasittigadi filatee ture; ija isa gararraatti immoo naannessee callee itti direera.Jal'ina akkasii takkaa hin argine! Hubadhaa, inni kana manuu hin danda'u. Innitarii ani dhiira jedhee isiniif mirkaneessuu danda'a, garuu hafuuraan innidubartii dha. Inni mana maaliitti akka lakkaa'umu hin beeku. Kun sirrii dha.Maal jal'inni akkasii!

Inni kun waan Seexanni hojjetu dha. Inni guutummaa biyyaa karaairraa kaachiseera. Inni waldaa karaa irraa kaachiseera. Inni saba karaa irraakaachiseera. Inni goowwomsituu namootaa ti, inni isa Dhugaa jalqabaa jal'isudha.

Waaqayyoo dhiira dhiira godhee uume, dubartii immoo dubartiigodhee uume, Inni akkataa sanatti akka jiraatanii fi akkaataa sanatti akkadeddeebi'an isaanitti hime; tokko amala dibartummaa kaan immoo amala dhiirumaaakka calaqqisiisu godhee isaan uume. Inni Addaamiin Hewaan irraa kan gargarbaase Eeden keessatti, Inni isa irraa ishee addaan baase.

74 Amma Inni rifeensa akka dubartiitti fialata; isheen immoo akkadhiiraatti muratti, inni akka isheetti uffachuuf yaalaa jira. Hubattanii? Inniwayyaa isheen keessaan uffattu uffata, isheen immoo wayyaa inni alaan uffatuuffatti. Kun waan gurra namaatti tolu miti, garuu ana akkas jechuu barbaadeemiti. Kun Dhugaa Wangeelaa ti. Isin kana hin beektan taanaan, rakkina wayiiqabdu; kana hin beektan taanaan, isin jaamaa dha, yookiin immoo gara karaattibaatanii hin beektan. Isheenis innis wanti isaan gochaa jiran sirrii ittifakkaata, isaan karaa biraa irra deemaa jiru.

Dubartoonni, “Toleegaa, baay'ee nutti bulluqa!” jettu.

Indoonni Apaachee durii isin qaanessu. Isaan ho'a aduu of irraaittisuuf akkuma ho'I dabalaa deemuun uffata daddabalanii uffachaa deemu; Oo,yoo isaan dafqisiise qilleensa ofitti hafarsaa deemu. Hubattanii? Isaanakkasitti aduu keessa dhaabatu.

75 Isin waan tokko irraa hin haftan; isin bobaatanii gubattu. Garuu hubadhaa, kun isa isin barumsa ol'aanaajettani dha. Saayinsii ammayya'aan kana omiishe. Oo, yaa anaa! Kunoo isheen,Laa'odiiqeyaa keessatti “qullaa buufteetti, garuu of irratti hin beektu.”

Isheen Eeden keessatti qullaa turte. Wal fakkeenya mootummootalamaanii hubattanii? Inni tokko kan

cubbuu fi kan du'aa ti; inni kaan immoo kanJireenyaa fi kan Qajeelummaa ti. Isa keessatti ishrrn Golgaa Qulqulluutiingolgamtee turte. isaan lamaanuu qullaa turan; qullaa ta'uu isaanii garuu hinbeekan turan. Isaan waa'ee isaa waan tokko illee hin beekan turan, sababiinisaa, isaan Hafuura Waaqayyootiin golgamanii turan waan ta'ef.

Asitti immoo isaan kajeellaa fooniitiin golgamanii jiru, kan walilaalaniifis wal…Hubadhaa, Addaam Hewaaniin ilaaluu danda'a ture, garuu qullaata'uu ishee hin beeku ture. Garuu yeroo ammaa golgaa kajeellaa foonii kanairraa kan ka'e, isheen qullaa ta'uu ishee hin beektu, garuu isheen golgaakajeellaa foonii kana jala da'attee dhiirri gara ishee akka ilaalu gochaajirti. Sababiin isheen qullaa buuftuuf dhiirri akka ishee ilaaluuf qofa. Isakana hin amantan, garuu akkumasaatti in gootu, dhiirris isin ilaala. Innisbaay'ee kan nama harkistan ta'uu keessan in hubachuu irraan kan ka'e hangawayyaa keessan fuudhee ofii isaatii uffachuutti ga'e.

76 Oo, maal jal'inni akkasii! Maal barri akkasii! Maal barri nuyi…Attamwallaalchisaa dha! Oo, waan kana hundumaa godhu, "garuu of irratti hin beekan,"hafuurri jal'inaa guutummaatti dhiira keessa jira. Inni kajeellaa Seexanaatiingolgameera, isheenis akkasuma. Isaan hawaasa bal'aa hafuura seexanummaantiingeggeeffamanii dha. Hubadhaa, Isaan jaarmiyaa dha, garuu of irratti hin beekan.Dhiironni akka sanatti uffachuun jaarmiyaa dha. Isaan iddo-bu'ee B.B.S yookiin'Big Sister Society' (Hawaasa Bal'aa Obbolewwanii) jedhu kan miseensummaan ittiwaamaman qabu. Hawaasa bal'aadhiir-dhalaa kan paantii ciccittuu uffatu, hawaaxa xuraa'aa kan keessaa, ba'aaadeemaa!

77 Warri dhiiraa, tarii isa kanaaf na jibbuu dandeessu, garuu kunDhugaa dha. Isin karaa jal'inaa irra deemaa jirtu, garuu of irratti hinbeektan. Kana booda egaa akka dhiiraatti deddeebi'uun keessan hin jiru.Hubadhaa, baay'ee laafaa deema; ilmi isaanii kana booda isaaniif waan tokkoiyyuu miti; dhiirris, dhalaanis. Isaan hawaasa. Jaarmiiyaa tokko qabu. Maaliif?"Joon inni olla keenyaa qumxaa uffata, an maalifan hin uffadhu? Joon inni ollakeenyaa qumxaa waan uffatuuf, Lu'eelaan akkan uffadhu barbaade. Susi'ee Jaaneeyoo isa uffatte, Maartaan Jaanees isa in uffatti, yookiin Susi'een Loo'uu,"yookiin waanuma namni maqaa ishee qabu uffatu illee in uffatti. Hubadhaa,jireeyna hawaasummaa ti. Inni kun jaarmiyaan gurmaa'uu dha. Isin karaa hafuuraaisatti qabataniittu, garuu of irratti hin beektan.

78 Kun erga akkas ta'ee, isinis erga akkas taatnii, isin jaamaa dha.Damee amantummaa isa Seexanni keessatti isin jal'ise keessatti jaamtaniittu.Inni immoo Sagalee Waaqayyoo Isa jalqabaa, Muutommaa Isaa, fi akeeka Inniijoollee Isaatiif qabu micciiruu dha. Seexanni dhiiraa fi dubartii kanawantoota kana keessatti isaan micciireera, isaan immoo kana of irratti hinbeekan. Micciiramummaa!

Inni kana booda ilma Waaqayyoo miti! Rifeensa mataa fuula isaairra gadi jigsee, qumxaa uffatee daandii irra dhommoqa; ilma Waaqayyoodiiyaaqonii waldaa tokkootii, Paasterii waldaa tokkootii? Lakki, inni ilmaWaaqayyoo miti. Inni raawwatee karaaCalaltuu yaada Waaqayyootiin hin dhufne. Inni wayyaa dubartootaa sana uffachuuhin qabu ture; isheenis immoo wayyaa dhiiraa uffachuun ishee irra hin jiraatu.Hubattanii, ilmi Waaqayyoo kana hin godhu. Inni ilma Seexanaa fi intala Seexanaati. Waan jechuuf arraba namaatti ulfaatu dha!

79 Seexanni biyya lafaa kana jal'inaan mo'achuudhaan, mootummaa isaaijaarrateera; dhiirri mirga walabaan jiraachuu irratti hundaa'ee kana uffata,jireenya attamii akka jiraatan fedha isaanii irratti hundaa'anii filatu. Kunisimmoo waan garaa keessan keessa jiru kan agarsiisu dha. Hubattanii? Sagaleenkeessan… Maal akka ta'e beektuu? Gochaan keessan sagalee keessan caalaaguddisee dubbata.

Mee gara dhiiraattin deebi'a. "Oo, Ani…Nuyi hunduu Kristaana. Nuyimiseensa Waldaa ti" in jettu. Biiroo isaa guutummaatti wanti miira saalaakakasuu fannifamee hin jiruu? Beekumsa caalun qaba jechuun isaa gatii hin qabu;isinis akkasuma.

Dubartiin rifeensa mataa murattee, ani Kristaana haa jettuu?Uhuhhuu! Isin isa kana caalmaatti beektu. Eeyyee, obboo. Halluu fi meekaappii ofittilaaqaa, qumxaa uffachaa, ani Kristaana ofiin jechuu dandeessii? Isin isa kanacaalaatti beektu. Sagaleen Waaqayyoo isa kana caalaatti isin barsiisa. Isheenkana hundumaa gotu Kristaana miti jedha Sagaleen Waaqayyoo. Isheen nama ulfinahin qabne dha. Waaqayyo attamitti nama leeyyaasifamaa Mootummaa Isaa keessakaa'a? Lakki, obboo, gonkumaa Inni kana hin godhu. Lakki, obboo. Ofumaisaaniitii hawwiin isaanii maal akka ta'e in mul'isu.

80 Gugeen ruumichaa wajjin akka soorattu gochuu hin dandeessan.Gugeen hadhooftuu of keessaa hin qabdu. Gugeen raqa hin nyaattu, inni yoo raqaafaaniin qabe in du'a, isa kanas in beeka. Garuu ruumichi waan barbaadehundumaa in nyaata. Hubattanii? Inni hadhooftuu gaarii qaba.

Akkaataan biyyi lafaa yeroo ammaa keessa jirtus akkuma kana.Tokkuma, "Isaan qullaa dha, jaamaa dha, kanas of irratti hin beekan."

81 Seexanni isa kan raawwate hawwii foonii dubartiin beekumsaaf,quunnamtii saalaatiif qabdu, isa isheen ofii isheetiin filatte irrattihundaa'ee ti. Amma qalbeeffadhaa, karaa sirrii hin ta'initti Addaamiin kangeessite Hewaani dha, Hewaan Addaamiin dursitee uffata of irraa baafte.Hubattanii? kana kan gootu

yeroo hubdumaa dubartii dha. Yeroo hundumaa akkasuma ture, Ammas haalumakana itti fufee jira.

Nama kan karaa irraa kaachisu waldaa dha. Hubadhaa, nama ilmaWaaqayyoo ta'uu barbaadu kan geeggessitu waldaa dha. Kan kana godhu dubartiidha, dubartiin waldaa dha. Macaafa Qulqulluu, Waaqayyo miti, MacaafniQulqulluun dhiira waan ta'eef. Oo, eeyyee, “Sagalichi foon uffate,” Inni Dhiirature. Hubattanii? Nama karaa irraa kan kaachise Macaafa Qulqulluu miti. Namakaraa irraa kana kaachifte waldaa dha. Macaafa Qulqulluu utuu hin ta'in, waldaainni bira deemutu qullaa isa buusise. Macaafni Qulqulluun qullaa ta'uu isaadubbata. Eeyyee, obboo.

Attamitti akka kun ta'e amma hubadhaa, saalquunnamtiidhaan, hawwiisaalquunnamtiidhaaf qabdu irraa kan ka'e, isheen beekumsa hawwite, kun maal akka ture baruuf, iji mukichaagarii fi gadhee ta'uu isaa baruu barbaadde. Isas in goote.

82 Ta'us Waaqayyo guyyaa tokko Dhiiraan iddootti isa in deebisa. Innidubartiidhaan booji'amee ture. Garuu inni Dhiiraan iddootti deebifame; Dhiirrisunis immoo, Yesus Kristos Isa Sagalicha ta'e dha.

Sana booda inni maal ta'a? Gara xumauraatti deemaa waan jirruufqalbeeffadhaa. Yeroo dhi'oon dura, hima kana barreessen ture. Isa keessattisgara fuula afurii yookiin shanii olii bareesseera, garuu…caaffata tuquunbarbaada. Garuu, dhaggeeffadhaa. Kana dubbadheen gara xumuraatti dhufa.

83 Yaadadhaa, yeroo dhi'ootti Malakata Torban, Malakata cidhaa, fiiwaan kana fakkaatan irratti isin barsiisaan ture. “Ayyaana guyyaa torbaffaatujira” jedheen ture. Kanaafuu, Guyyaa torbaffaan isa dhumaa ti, sana boodaBarkumee tu ta'a. Garuu ayyaanni guyyaasaddeettaffaa jira; saddeet tureera erga ta'ee, guyyaa immoo torba duwwaatujira erga ta'ee, guyyaan jalqabaa guyyaa saddeettaffaa ti. Yeroo sanatti, ergaBarkumeen xumuramee booda Eeden deebitee in hundoofti. Mootummaan WaaqayyooInni guddichi deebi'ee in dhaabata. Sababiin isa, Yesus Iddoo dhaabaaGetesemaaneetti Seexana lolee mo'achuudhaan Eeden iddootti deebise; isas immooBantii Waaqaa irratti qopheessuudhaaf gara Waaqaatti ol ba'e. Inni, “Garaankeessan hin raafamin” jedhe.

84 Inni yeroo biyya lafaa kana irra turetti, “Isin, isin warriYihudootaa, Waaqayyotti in amantu. Amma An maqaa gadhee akkan aragadhe beeka.Isaan Ati kana, Ati sana, Waan biroos Naan jedhaniiru. Garuu, isin Waaqayyotti in amantu; akkumaWaaqayyotti amantan Anattis amanaa” jedhe. Inni Waaqayyo foon uffatee mul'atedha. Hubattanii? “Anattisa amanaa…”

85 “Mana Abbaa Kootii keessa…” Yookiin, “Dinagdee Abbaa Kootiikeessa, wixinee Abbaa Kootii keessa mana mootii baay'eetu jira. Ani iddooisiniif qopheessuuf Nan deema” jedhe. Hammam akka inni dheeratu ilaalaa, maayilii kuma tokkoo fi dhibba shan!Meerre eessa jira? in jettu. Inni isa qopheessuuf deemeera. Inni uumaa dha.Inni warqii sana hundumaa uume. Karaan isaa hunduu calaqqisaa dha. Inni uumaadha. Inni iddoo sana uumaa jira. Mul'ata21 keessatti, inni, “Ani Yohaannis Yerusaalem mandarri qulqullittiin isheenhaaraan, Waaqayyo biraa bantii waaqaa keessaa, akka misirroo dhirsa isheetiifkuulamteetti, qophooftee, utuu gadi buutuu nan arge” jedhe.

“Kana booddees, bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraasdarbaniiru, galaannis deebi'ee hin argamu.” Bantiin waaqaa keenya inni duraamaali? Inni Barkumee dha. Lafti inni duraa maali? Inni lafa kana dha. Isheen inhaareffama. Inni akkuma bara Nohi lallabaa ture bishaaniin cuuphame, akkumacuuphaa Dhiiga Kristos Isa isatti dhangala'een qulqulleeffamee ture, akkasumagara dhumaattis immoo cuuphaa Ibiddaa isa jarmoota hundumaa, dhukkuba hundumaa,xuraa'ummaa lafa kana irra ture ajjeesse balleessuun haareffamuuf jirt.i

86 Isheen kun gubattee, Lafti Haaraan in uumamti. “Kana booddees,bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru, galaannis deebi'ee hinargamu. Ani Yohaannis Yerusaalem mandarri qulqullittiin isheen haaraan,Waaqayyo biraa bantii waaqaa keessaa, akka misirroo dhirsa isheetiifkuulamteetti, qophooftee, utuu gadi buutuu nan arge” jedhe. Achitti Waaqayyowarra kan Isaa (His attribute) wajjin, ilmaan Isaa fi intaloota Isaa wajjin injiraata, achitti ijoollee Isaa warra iji isaanii cubbuutti jaamaa ta'aniiqulqullummaan jiraatanii wajjin feelooshiippii in godha. Yeroo sana irraajalqabee matumaa cubbuun hin jiraatu.

Kottaa cimnee waliin haa dorgomnuu; bara kana keessa hingowwomfaminaa, “Balbalichaan ol galuudhaaf waliin dorgomaa” malee.

“Warri halalee fi warri kajeellaa foonii duukaa bu'an Karrichattiol hin galan.” “Namni ija hawwaatiin dubartii ilaale garaa isaatti isheettiejjeera.” Dubartoonni amala gadheeqabanii fi dhiironni amala gadhee qaban hunduu, warra alatti hafani dha.

Warra lubbuun isaanii fayyite (redeemed) fi warra MacaafaJireenyaa Isa kan Hoolichaa irra jiran duwwaatu balbalichatti ol gala. Kanaafisfiroota ko, wal dorgomaa; bara dhumaa kana keessa hin gowwomfaminaa.

87 Barri kun bara guddaa dha. Namni hunduu horii qaba. Namni hunduu kana gochuu danda'a, namni hunduu sana gochuu danda'a, horiin karaahundumaa dhangala'aa jira, kokolaataa gurguddaa fi wanti

hunduu horiitu yaa'aajira. Isaan kana keessaa tokko illee Mandarattii sana keessa hin jiraatu.Xiyyaarri tokko illee yookiin konkolaataan tokko illee achi keessatti hinargamtu. Lakki. Guutumaan guutuutti qaroomina addaatu isa keessatti ta'a.Qaroominni beekumsaa, kan saayinsii deebi'ee achitti hin argamu, kan qajeelinaafi Waaqayyo Isa jiraataattii amantii qabaachuu ti malee.

Achitti galuudhaaf haa dhamaanu. Guutummaan kaayyoo koo fiaggaammiin kootii, guyyaa tokko Mandarattii sanatti galuu dha; duuba kooilaalee warra anaa wajjin itti galan, tokkoon tokkoon keessan yummuu,"qulqulloonni ol galuuf deemaa jiru" jennee faarfannu arguu dha.

Mee in kadhanna.

88 Yaa jaallatamaa Abbaa keenyaa, akkuma guyyoonni dhi'aa deemaajiran, dhi'aachaa deemaa jiraachuu isaa in hubanna, abdichi as dhi'aachaa jira.Yaa Waaqayyo jaallatama, akka nuyi hin dogoggorreef garaa keenya keessa akkaisa buuftuuf Si kadhanna. Yaa Waaqayyo jaallatama, yaada garaa keenyaa nuufqulqulleessi. Yaa Gooftaa, onnee keenya golgii nuuf eegi, ija keenya waan biyyalafaa irraa, waan biyya lafaa isa waa'ee hin baafne irraa, ulfina waa'ee hinbaafne nama guddaa ta'uu barbaaduu irraa nu golgi.

Hammam gurguddoota yoo ta'an illee, mootonni hunduu, warri irraaqaban, dureessonni, wanti hunduu baduuf jiru, du'aa ka'uu isa duraattis isaanhin ka'an. "Namni du'aa ka'uu isa duraa kana keessaa qooda qabu attam gammada!Attamis Waaqayyoof kan qulqullaa'edha! Duunni lammaffaan warra akkasii irrattihumna hin qabu" jedhamee caafameera'oo. Oo, yaa Waaqayyo! "Duunni lammaffaan,"duunni hafuuraa, "isa irratti human hin qabu"; inni furameera'oo!

89 Yaa Waaqayyo, yeroo sanatti, inni tokko isa kaanii wajjin walarguuf ol in fudhatama. "Namoonni siree tokkicha irra in ciisu; tokko infudhatama, inni kaan in hafa. Namoonni lama walii wajjin in qotu; isa tokkofudhee, isa kaan Nan dhiisa" jetteetta'oo.

Yaa Waaqayyo, fuula duratti qulqulluu akka taanuuf nu gargaari, waannamni biraa waa'ee keenya yaadu, waan namni nuun jedhu hin ilaalin. YaaGooftaa, haasaan keenya qulqulluu haa ta'u. Haala yeroo Sagalee Waaqayyoowajjin kan wal sime haa ta'u; yaa gooftaa, gowwomfamuun tokko illee nukeessatti hin argamin. Yeroo Si kadhannu kanatti, dogoggorri ofii keenyaa yoojiraate, Dhiigni Yesus Kristos nuyii fi Waaqayyo gidduu haa dhaabatu, Innikaraa Dhiiga Yesus keessaan gara keenya ilaala waan ta'eef; qajeelummaa keenyairratti hundaa'ee miti, yookiin maalummaa keenya irratti hundaa'ee utuu hinta'in, araara Isaa duwwaa irratti hundaa'ee ti. Yaa Waaqayyo, kana nuuf dhaga'i!

90 Namoonni galgala kana as taa'anii Ergaa kana dhaga'an, ijoollee xinnooirraa hanga nama jaarsoliitti, namni tokko illee hin badin. Hawwiin isaaniiinni qulqulluun Waaqayyoo fi Sagalee Isaa duwwaadhaaf haa ta'u. Nuyi Yeroo Inniitti mul'atu, yookiin yeroo Inni itti dhufee gara Firdiitti nu dhi'eessu hinbeeknu. Yeroo Inni itti dhufee galmee keenya bane, "Yeroon kun yeroo manakeessanitti galtani dha. Dhaqaa ol gala" nuun jedhu hin beeknu. Yaa Waaqayyoqulqullinatti nu eegi. Isa kana nuuf dhaga'i, yaa Gooftaa.

Yoo in danda'ama ta'e, hanga Gooftaan dhufutti foonii fi lubbuunwal keessa haa jiraannu. Waan humani keenya danda'u hundumaa jaalalaa fihubannaadhaa, Waaqayyo hoolta badan hundumaa, yeroo ammaatti biyya lafaakeessaa barbaadaa akka jiru akka hubannuuf nu gargaari. Yeroodhaa gara yeroottikadhannaa, jaalalaa fi Dubbii Sagalee Waaqayyootiin isaaniitti haa dubbannu,kana gochuudhaanis Yaa Gooftaa hoolaa ishee dhumaa argannee, Eeden Seexanaaishee moofaa kana keessaa gara Biyya keenyaatti akka galluuf nu gargaari.

91 Inni kajeellaa foonii fi dubartoota mimmiidhagoo irratti ijaarame,akkuma biyya lafaa kana keessatti, beeksisa raadiyoo fi teelevizhiinii isaaniiirratti, "Nuyi ijoolleen dhiiraa halluu dibatanii, ijoollee durbaa immoo qumxaaakka uffataniif beeksifana" jedhanii ti; wanti hundunduu xuraa'ummaaHooliiwuudiitiin manca'eera; dubartoonni wayyaa ejjaa fi xuraa'ummaa uffatniiyaa'u. Dhiirri karaa irraa jal'atee wayyaa dubartii uffateera, dubartiinrifeensa mataa akka dhiiraatti murattee, dhiirri immoo akka dubartiittidheereffatee deema.

Yaa Waaqayyo, maal barri sodaachisaan nuyi keessa jiraachaa jirrukun! Oo, yaa Gooftaa kottu, Yesus dafii kottu! Dafii kottu Gooftaa! DhiigaKeetiin nu qulqulleessi. Xurii fi gowwummaa hundumaa nurraa dhiqi. Yaa Gooftaa,Dhiiga kee jalatti golboobamnee, yeroo hundumaa fuula Kee dura akka jiraannuufnu gargaari.

92 Yaa Waaqayyo jaallatama, galgala kana…minjaala, iddoo Wangeellikaa'amee jiru dha. Yaa Gooftaa, kunoo erbeen dafqee fi fooxaan gara warradhukkubsatanii fi gara warra miidhamnii deemu fuula Kee dura kaa'amee jira. YaaGooftaa, kadhannaan amantii garaa keenya keessaa fuula kee duratti haadhangala'u. Yaa Gooftaa, tarii wanti xura'aan yoo nu keessa jiraate, amma garafirdiitti nu geessi; nuyi immoo araara si kadhannaa. Yaa Gooftaa, waan jal'aanuyi hojjechaa jirru nutti mul'isi, yoo nuyi immoo Dhiigni Kee akka nuqulqulleessuuf Si kadhanna. Yaa Abbaa, warra dhukkubsatan fayyisi, iddoo innideemuu hundumaatti, bakka isaan deeman hundumaatti fayyinni isaaniif haa ta'u.Kadhata keenya nuuf dhaga'i, yaa Abbaa.

93 Si duwwaa tajaajiluuf murtee irra akka geenyuuf nu gargaari. Kananuuf dhaga'i, yaa Gooftaa.

Namoota jaallatamoo gara mana isaaniitti deemuuf jedhan kana,karaa nagaa isaaniif taasisi.

Warra dhukkubsatan waan fayyifteef Si galateeffanna. Mucaaobboleessa keenya Sheferdii kan saayikilii irraa kufee miidhaan irra ga'eef Sikadhanna, hamaan tokko illee isa irra hin ga'in; mucaa xinnaa saayikilii utuuoofuu irraa kufe kana, akka isa fayyiftuuf Sin kadhadha. Warra kaan, warra akkaisaan fayyaniif Si kadhannes waan fayyifteef Si galateeffanna. "Waan kadhannuakka argannu in beekna, sababiin isaa, nuyi Isa kakuu kana nuuf gale irraaamanamummaa qabna waan ta'eef."

Yaa Gooftaa, ayyaana Kee nuuf baay'isi. Cubbuu keenyas nuufdhiisi, jennee Si kadhanna Maqaa Yesus Kristoosiin. Ameen.

94 Isa in jaallattuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Isatti inamantuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Dhukkubnii fi mootummaan Seexanaa isindadhabsiiseeraa? ["Ameen."] Barkumeendhi'aachaa akka jiru, Barkumee Isaatti deemaa akka jirru; gara Eeden Isaattideemaa akka jirru in amantuu? "Ameen."

Inni har'a uumamaa akka jiru in amantuu? Ilaalaa, wanti hunduu beekumsa biyya lafaairratti kan hundaa'e dha. Waan hundumaatti amanuu isaaniitiin durasaayinsiidhaan mirkaneessuu qabu.

Waaqayyoon immoo Saayinsiidhaan mirkaneessuu hin dandeessan.Amantiidhaan Isa fudhachuutu isin irra jira, "Eenyu illee Waaqayyottidhi'aachuu yoo barbaade, Inni akka jiru, warra Isa barbaadaniifis gatii isaaniiakka kennuuf amanuun isa irra jira."

Yaa Waaqayyo, Dhiiga Yesus Kristos Isa cubbuu kootti na dhiqumalee, an waan kan biraa hin beeku. Yesus Kristosiin ala, an waan tokko illeehin beeku. Akkuma Phaawulos jedhe, ani galgala kana, "Hamman isin bira turettisYesus Kristos, Isa fannifame sana duwwaa beekuu koo akkan mul'isuuf murtoogodheen ture" nan jedha.

95 Beeka jedhee kanan isinitti himuu danda'u Isa duwwaa dha. Innis,Macaafa Qulqulluu kana, Sagalee Waaqayyoo kana makaa hin qabne ta'uu Isaa garaakoo guutuudhaanan amana. Isa Kanaan nan jiraadha. Isa Kanaan nan dhaabadha.Utuun waggaa kuma kudhanin jiraadha ta'ee, tokkoon tokkoon bara kootiiSagalalee Kanaafan kennaa, sababiin isaa, Dubbii Sagalee Yesus Kristos waanta'eef. Hamma yoo isaan Isa kuffisuu barbaadanittii an dhimma hin qabu, hammasaayinsiin Innoo amanasiisaa miti jedhee mirkaneessuuf yoo yaale, kun dhimmakoo miti. Anaaf, wantin addunyaa kana irraa itti amanu Sagalee Waaqayyo duwwaadha. Inni kan kooti. An Isa nan jaalladha. Isin Isa hin jaallattanii?[Amantoonni, "Ameen" jedhan.]

96 Cubbuun garaa keessan keessa yoo jiraate, yoo irra daddarbaangaraa keessan keessa jiraate, wanti kam illee yoo isinitti dhaga'ame, Waaqayyoakka isiniif dhiisuuf amma kadhadhaa. Isin naaf kadhadhaa; Anis isiniifankadhadha. Waaqayyo isin haa eebbisuunkadhata koo ti.

Hamma wal arginuttu! Hamma wal arginutti!

Waaqayyo isin haa eebbisu hamma walarginutti!

Walii walii keessan in jaallattuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Yohannis,"Yaa ijoollee ko! Wal jaalladhaa" jedhe. "Jaalalli baay'inni cubbuu deebi'eeakka hin argamne waan godhuuf, wal jaalladhaa." Mee walii walii keessan harkafuudhaatii wal dubbisaa.

Waaqayyo isin haa eebbisu hamma wal arginutti!

Hamma walarginuttu! Hamma wal arginutti!

Egaa walii walii keessaniif gaarummaa qabaadhaa. Nama hundumaattigaarummaa agarsiisaa. Olla keessan sirriitti kunuunsaa. Hamma Yesus dhufuttiwarra mudaa hin qabne ta'aatii Isa eegaa.

Hamma wal arginuttu! Hamma walarginutti!

Waaqayyo isin haa eebbisu hamma walarginutti!

97 Isa in jaallattuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Inni kun egaakadhata kooti. Naaf kadhadhaa; anis isiniifan kadhadha. Amma gara Tuuksanitti deebi'uuf jedha.Waaqayyo hunduma keessan akka eebbisuuf nan kadhadha. Achi irraa immoo gara Kanaadaattin darba,sana booda gara Koloraadoottin deebi'a; naanna'uu, naanna'uu, naanna'uu,hubattanii. Hanga…?...

Obboleessi keenya achi deemee kan jiruu fi wantoonni gurguddoonachitti ta'aa jiru. Vaaticaan jala warri kallatiidhaan jiran, wari Roomee,haaromsaaf nu waamaa jir, achi deemee sosochii haaromsaa Roomeetti akkangeeggeessuuf waamicha naaf gochaa jiru. Inni amma achii deebi'ee galeera.Namoonni hunduu walii wajjin jiru. Iddoo wal ga'ii guddaa namoota kumaatamaanqabatu qopheessanii, sochii haaromsaatiif akkan dhaquuf na eegaa jiru. Isaantajaajila sana keessatti ulfina Gooftaa arguu arguu

barbaadaniiru. Ani hinbeeku. Isa irratti kadhadhee, waanGooftaan naan jedhu baruun barbaada. Oo, yaa anaa! Yaadadhaa, hundumti keenyairratti haa kadhannu. Nuyi hojjechaa kan jirru…

Dhufaatii Fayyisaa keenya Isaeebbifamaa eegaa jirra,

Ilaa, baalli muka arbuu laliseera;

Wangeelli Mootummaa Isaa sabahundumaatti lallabameera;

Nuyi qarqara dhumaa irra jirra,argamuu danda'a.

Kun sirrii dhaa? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.]

Yeroo sanatti Ergaa gammachuumul'ina Isaa in labsina,

Al tokkoo fi isa dhumaatiifdubbachuudhaaf, Inni dhi'ootti dhufa;

Qulqulloota Gooftaa dammaqaa,dhumni ga'eera maaliif raftu,

Waamicha isa dhumaa sanaaf haaqophoofnu.

98 Isheen guyyaa tokko gara dhihaatti deebitee in gulufti, yaadadhaa.Isheen dhumuma kana in gooti. Kun immoo sirrii dha. Hamma sanatti:

Maqaa Yesus of duukaa qabadhu,

Mucaa rakkinaa fi dhiphinaa;

Inni jajjabinaa fi gammachuu siifkennaa,

Iddoo deemtu hundumaatti isaqabadhu.

Maqaa mi'aawaa (Maqaa mi'aawaa), Ooattam mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu Waaqarraa;

Maqaa mi'aawaa, Oo attam mi'aawaa!(attam mi'aawa!)

Abdii lafaa fi gammachuu Waaqarraa.

Maqaa Yesusiif gadi jenna,

Miilla Isaa jalatti kufnee,

Mootii moototaa Waaqarratti Isamoosifna,

Yeroo deemsi karaa keenyaadhumutti.

Maqaa mi'aawaa, Oo attam mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu Waaqarraa;

Maqaa mi'aawaa, Oo attam mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu Waaqarraa.

99 Amma egaa, lakkaofsa isa dhumaa kana garaa cabaadhaan haafaarfannu.

Maqaa Yesus of duukaa qabadhu,

Akka gaachanaatti kiyyoo hundumaaf;

Qorumsi yummuu si marsutti,(Hubadhaa, isaan kun wantoota mootummaa Seexanaa ta'ani dha)

Callisii Maqaa qulqulluu sanakadhata keessa hasaasi.

Inni kun ga'aa dha; sana boodaa achii sokki. Inni in hojjeta. Aniyaalee ilaaleera. Callisii amma isa amani, sababiin isaa inni in hojjeta.Callisii kadhata keessa qulqulluu Maqaa Isaa hasaasi.

…Yesus of duukaa qabadhu,

Akka gaachanaatti kiyyoo hundumaaf;

Qorumsi yummuu si marsutti, ( Maalgoota?)

Callisii Maqaa qulqulluu sanakadhata keessa hasaasi. (Yeroo sanatti Golgaan fuula kee in aguuga.)

Maqaa mi'aawaa (Maqaa mi'aawaa), Ooattam mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu Waaqarraa;

Maqaa mi'aawaa, Oo attam mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu Waaqarraa.

Mataa keenya gadi haa qabannu, obboleessa keenya Biiler kan duubasana taa'aa jiru gara waltajjiittan afeera. [Obboleessi keenya Branhaam, Maqaa Yesus of duukaa qabadhu, jedheegungummiin faarfachaa jira.]

Callisii qulqulluu Maqaa sanahasaasi kadhata keessa.

Obboleess keenya Biiler, nuuf xumurta. Kadhannaadhaan nuufxumurta.

Maqaa mi'aawaa,

Abdii lafaa fi gammachuu Waaqarraa;

Maqaa mi'aawaa (Maqaa mi'aawaa), Ooattam mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu Waaqarraa.

100 Amma akkuma mataa keenya gadi qabannee jirrutti, garaa cabaa haaqabaannu. Obboleessi keenua Biiler walitti qabdoota keenya as jiran keessaainni nama tokko. Obboleessi keenya Estle Biiler, Kristaana gaarii, namaamanamaa dha. sagan keenya galgala kanaa kadhannaadhaan akka inni nuufgoolabuuf carraan isaaf kenna. Obboleessa koo Biiler, Waaqayyo si haa eebbisu.

MESSAGE hub online

www.messagehub.info

Kan Lallabame

Williyaam Maariyoon Biraanhaam

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7